




BARIISAA



Bara - 47 Lak. 18 Bariisaa Waxabajjii 1, Bara 2016

Sanbataa

(June 8, 2024) Qar. 10.00



“Afrikaan tokkoomuun guddina hawaas dinagdeefi ce’umsa kalaqaatiif bu’uura nibuusa”

-Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmad

Waasihun Takileetiin

Afrikaan hawaas dinagdeefi ce’umsa teknolojii kalaqaan tokkoomuun eeggattummaa kan maqsuufi miira ofitti amanamummaa kan cimsu ta’uu Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad beeksisan.

Yaa’ii Afrikaa-Kooriyaa tibbana Kooriyaa Kibbaa, Magaalaa See’ulitti gaggeeffamerratti argamuun haasa’aa kan taasisan Doktor

Abiyi guddina dinagdee Afrikaa si’eessuuf miirri waliin hojjechuu murteessaa ta’uu yaadachiisaniiru.

Hariiroon obbolomma gama maraanuu bu’aa buusuu akka danda’u deeggarsa waraanaa (Qaanyawu) Itoophiyaan walabummaa Kooriyaa kabachiisuuf taasisteen injifannoon argame fakkeenya gaariidha jedhaniiru.

Afrikaan yoo tokkoomne hawaas dinagdeefi siyaasaan fagaannee alaa galchuurra biyya

keessatti omishnee jijjiirama dhaloota egereef ta’u galmeessisuun nidanda’ama.

Qabeenya uumamaa gahaa qabnu teknolojiiidhaan deeggarree makaanaayzeeshinii qonnaa keenya ammayyeessinee, misooma qonnaafi magaalaa keenya jabeessinee wabii midhaan nyaataatiin of danda’uurra dabarree alergiif gahuun akka danda’amu Itoophiyaan fakkeenyummaan kaati jedhaniiru.

Gara fuula 14tti

Hojiin kilaastaraa omishtummaafi aadaa qusannaa qonnaan bulaa gabbisaa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Naqamte: Kilaastaraan hojje chuun omishtummaafi aadaa qusannaasaanii gabbisaa jiraachuu qonnaan bultoonni Godina Wallagga Bahaa ibsan.

Qonnaan bultoonni aanaalee Sibuu Siree, Guutoo Giddaafi Gobbuu Sayyoo boqqolloo kanaan dura lafa hektaara tokkorraa kuntaala 30 argataa turan yeroo ammaa kilaastaraan omishuun callaa kuntaala 60 hanga 70 argataa jiru. Qonnaan bultoonni kunneen waliin hojjetanii akkuma omishtummaa dabalani waliin mari’atanii galiisaaniirraa %35 bankii Siinqeetti qusachaa jiru.

Gara fuula 14tti



Konfaransii dargaggootaa Oromiyaatti

Natsaannat Taaddasaatiin

Konfaransiin dargaggootaa tibbana mataduree, “Dargaggoonni anniisaa jijjiiramaa, utubaa biyyaafi abdii egeree” jedhuun Oromiyaatti gandaa kaasee hanga naannootti adeemsifamee tureera.

Nutis dhimmuma kana ilaalchisuun Hogganaa Ittaanaa Biiroo Dargaggoofi ispoortii Oromiyaa Obbo Kadir Indaalkaachoo dubbisneerra. Ibsi isaan nuu kennaniis akka ittaanutti dhiyaateera.

Konfaransiin dargaggootaa kun sadarkaa gandootarraa kaasee hanga naannootti gaggeeffama. Konfiraansiin kun maniiwwan guguddoo lama qaba. Manii tokkoffaan dargaggeessi haala waliigalaa biyyiifi addunyaa irra jirtu beekke ijaarsa biyyaa taasifamu keessatti gaheesaa akka bahatu akkasumas toora biyyi keenya qabatee jirtuufi imaammataafi tarsiimoo ba’urraa hirmaataafi fayyadamaa ta’uu akka danda’u gochuudha.

Gara fuula 15tti



Mahaammadsaanii Amiin

Oromiyaatti barana sanyiin biqiltuu bunaa biliyoona 2.5 dhaabbiif qophaa’e

fuula 14

“Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf guddina dinagdee saffisaa galmeessisuu qabdi”

- Doktor Maateyos Hinsarmuu, Hayyuu Yunivarsitii Finfinnee

fuula 2

Oromiyaatti gibirri qarshii biliyoona 14 ol karaa teleebirrii sassaabame

fuula 2

ODUU

“Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf guddina dinagdee saffisaa galmeessisuu qabdi”

- Doktor Maateyoos Hinsarmuu, Hayyuu Yunivarsitii Finfinnee

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaan ulaa galaanaa dafttee archuuf guddina dinagdee saffisaa galmeessuu akka qabdu hayyuuun yuunivarsitii Finfinnee Doktor Maateyoos Hinsarmuu ibsan. Seerotni ulaa galaanaa idiladdunyaa biyya kamuu fayyadamummaa ulaa galaanaa dhorkuu akka hindandeenye eeraniiru.

Hayyuu Yunivarsitii Finfinnee Doktor Maateyoos ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan ulaa galaanaa dafttee archuuf guddina diinagdee saffisaa galmeessisuu qabdi. Guddinni dinagdee ulaa galaanaa malee guddachaa jiraatus caalmaatti guddisuuf ulaan galaanaa barbaachisaadha. Ulaan galaanaa ulaa daldalli dhibbantaa 80 hanga 90tti waan gaggeeffamuuf ulaan galaanaa Itoophiyaaf barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaanitti, biyyootni galaanatti argamaniifi biyyoota ulaa galaanaa qaban

waliin walittidhufeenya uumuudhaan argachuu danda'u. Kunis kan ta'uu danda'u, seerota ulaa galaanaa idiladdunyaa mirga ulaa galaanaatti fayyadamuu biyyootaa waan heeyyaamuuf jedhaniiru.

Bu'uuruma seerichaatiin biyyi ulaa galaanaa hinqabne biyya ulaa galaanaa qabdu waliin walittidhufeenya uumuudhaan tooftaa bittaa ulaa galaanaafi waliin misoomsuutiin argachuu dandeesi.

Biyyootni akka Ameerikaafi Faransaayii faan kiilomeetira dheeraarraa dhufanii bu'uura seera kanaatiin ulaa galaanaa Jibuutii fayyadamaa jiraachuu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Biyyoonni kunneen Itoophiyaan biyya qabeenya guddaa qabdu waan taateef ulaa galaanaa fayyadamuudhaan guddina dinagdee yoo galmeessite naannicha liqimsuu dandeesi jechuun yaaddoo qabu.

Kanaaf, ijaarsi hidha laga Abbayyaafi fayyadamni ulaa galaanaa akka hinmilkoofne fedhasaanii ta'us hidhichi milkaa'era. Ulaan galaanaa argachuufis



tattaaffiin taasifamaa jiru milkaa'uu akka hindandeenye himanii; tattaaffii ulaa galaanaa argachuu eegalame milkeessuus dinagdee biyyattii saffisaan guddisuurratti xiyyeeffatamuu qaba jedhaniiru.

Dinagdeen biyyaa guddate alergiifi alaa

galchii waan dabaluu ulaa galaanaa ollaa jiran keessaa filmaatawwan garagaraa akka fayyadamtu taasisa. Tajaajilli ulaa galaanaa ollaa taasifamus biyyoota ollaa Itoophiyaa walittidduun waliinguddachuu keessatti shoora olaanaa qaba jedhan Doktor Maatewoos.

Itoophiyaa wiirtuu dippilomaatotaa ta'uu walqabatee sochiin humna galaanaarraa Itoophiyaan qabaatuuf carraa ta'uu nageenya naannawa gaanfa Afrikaa mirkaneessuun guddina dinagdee waliinii saffisaan akka guddatu taasisa jedhaniiru.

Ulaan galaanaa Akka biyyaattis ta'e naannawa gaanfa Afrikaatti argamu nageenyaafi tasgabbi mirkaneessuun guddina dinagdee saffisiisa. Gaafa hawwattummaan dabala deemu ulaa galaanaa kan qabus hinqabnes hariiroo Itoophiyaa waliin qabaachuuf karra saaqa jedhaniiru. Kana milkeessuufis hayyootni qorannoo bal'aa gaggeessuudhaan bu'aa jiru ragaan deeggaranii mootummaa hubachiisuun gumaachuu qabu jedhan.

Oromiyaatti gibirri qarshii biliyoona 14 ol karaa teleebirrii sassaabame

- Bara dhufu galmeen kaffaloota gibiraa dijitaalaffamee xumurama

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti gibirri qarshii biliyoona 14 ol karaa teleebirrii kan sassaabame ta'uu Biironn galiwwan naannichaa beeksise. Hojiin galmee kaffaloota gibiraa dijitaallessuu bara dhufu akka xumuramus ibse.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaantuutti Hoggantuun Biironn Galiwwan Oromiyaa Aadde Maskaram Dabbabaa ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, galii gibiraa sassaabame keessaa galiin qarshii biliyoona sadii ol kaffalaa gibiraa sadarkaa Afi B ta'anii warra ofisaaniti beeksisanii kaffalan keessaa kaffaloota 2600 ta'aniin kan raawwatameedha.

Biirichi karaa haqaqabeessaafi iftoomina qabuun kaffaloota gibiraatiif tajaajila si'ataa kennuuf tajaajiloota kennaman dijitaallessuu akka filmaata dhumaatti qabatee hojjechaa jira.

Kanaan dura galmeen kaffaloota gibiraa dijitaalaffamuu dhabuurraa kan ka'e kaffalootni gibiraa oggaa gibira kaffaluuf gara biiroofi waajjiraalee galiitti dhaqan galmeensaani dafee argamuu dhabuurraan kan ka'e tajaajilli kennamu akka harkifatu sababa ta'aa tureera jedhan.

Kana hambisuuf hojiin galmee kaffalootaa gara dijitaalawaatti jijjiiruu jalqabamee iddoowwan baay'eetti sadarkaa xumuraarra jiraachuu kan eeran Aadde Maskaram, walumaagalatti bara dhufu hojicha kana xumuruuf karoofamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Adeemsi sassaabbii gibiraa karaa dijitaalawaa ta'een magaalota guguddoo naannichaa 23 keessatti adeemsifamaa jiraachuu himanii, barana hanga ammaatti naannichatti gibira sassaabbame keessaa daldaloota kuma lamaafi 600 irraa qarshiin biliyoona sadii ol



Aade Maskaram Dabbabaa

karaa hojmaata dijitaalaa kan sassaabame ta'uu ibsaniiru.

Kanaan dura hojiileen akka nagayee maxxansuu, waraqa kiliraansii daldalootaaf kennuufi murtii gibiraa daldalootaaf harkaan kennuu madda rakkoo bulchiinsa gaarii ta'aa turuus yaadachiisaniiru.

Adeemsa sassaabbii gibiraa keessatti iftoomina dhugoomsuufi hordoffii bu'a qabeessa ta'e taasisuuf dameewwan biirichaa hunda karaa mosaajii walitti hidhuuf mosaajii ('software') qophaa'aa jiras jedhaniiru.

Biirichi hojii dijitaalaa yizeeshinii magaalota 23 keessatti jalqabe kana bara dhufurraa eegalee gara aanaalee naannichatti babal'isuuf kallattii kaa'ee hojjetaa jiraachuu beeksaniiru.

Sabboonummaa sabdaneessaa cimsuun biyya jabduu ijaaruun nidanda'ama

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Nuti lammiileen Itoophiyaa sabboonummaa sabdaneessummaa cimsuun biyya hundaa taatu biyya jabduu ijaaru qabna jedhan Doktor Birhaanuu Leenjiso.

Yunivarsiitii Ambootti Hayyuu Sosholoji kan turaniifi yeroo ammaammoo Ministir De'eetaan Jallisiifi naannawwan Gammoojjii Doktor Birhaanuu Leenjiso yaada Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaa keessatti sabboonummaan biyyaafi sabboonummaan saba waldhiita jedhamee seeneffama. Ta'us hiika sirrii kenninee lamaansaaniyyuu qixa sirriin yoo ittifayyadamne biyya jabduu ittiin ijaaru dandeenya.

Sabboonummaadhaan walqabatee Itoophiyaa keessatti ilaalchotni dogoggoraa jiraachuusaanii himanii, ilaalchotni tokko tokko Itoophiyaanummaan sabboonummaadha jedhanii amanu, tokko tokkommoo sabboonummaan Itoophiyummaa sabboonummaa hinhammatu jedhee amana jedhan.

Sabboonummaan mataasaatiin rakkoo ta'ee osoo hintaane Itoophiyaa keessatti hiika yaadimee sabboonummaaf kennametu waldhiitee ijaarsa biyyaaf rakkoo uumaa jira kan jedhan Doktor Birhaanuu, sabboonummaan miira namni tokko miseensa saba tokkoo ta'uun qabaatuufi walitti hidhamiinsa yaadama siyaasaatiin namni sun sabasaa waliin qabu ta'uu eeraniiru.

Haala qabatamaa addunyaatiin yommuu ilaallu biyyoota addunyaa kanarra jiran keessaa sabboonummaan saba impaayera walqixxummaa sabootatti hinamanne diigee, biyyootni amma jiran akkaataa amma jiraniin akka ijaaraman gochuu keessatti shoora olaanaa taphachaa ture. Bara Koloniis sabboonummaan saba namootni walabummaasaaniitiif gurmaa'anii fincila



Doktor Birhaanuu Leenjiso

farra kolonii gaggeessuun koloneeffattoota jalaa bilisa akka bahan taasiseera jedhan.

Waraana Addunyaa tokkoffaa gaggeessuun impaayerotni yeroo sana turan dhabamsiifamanii walqixxummaan saboota addunyaa akka dhufu gochuu keessattis gaheen sabboonummaa saba olaanaa ta'uu himanii waraana keessatti rasaasa jalqabaa kan dhukaase sabboonaa biyya Bosiniyaati jedhaniiru.

Sabboonummaan amalumsaatiin saba jabinaafi tokkummaa biyyaaleessaa kan laaffisu osoo hintaane qaamni sabboonummaa saba tokkoo hin fudhanne yoo jiraate sabboonummaan qaamolee kunneen faana walitti bu'uu danda'aa jechuun ibsan.

Akka ibsa Doktor Birhaanuu, Itoophiyaa keessatti ilaalchota fiixee sabboonummaarratti jiran lameen hambisuun sabootni biyyattii waan dhuunfaasaanitiin qaban wali kabajuuni waan waliin qaban waliin dagaagsuun sabboonummaa sabdaneessaa hunda hammatu jajjabeessuun biyya jabduu ijaaruun dhimma filmaata hinqabneedha.

Marii Biyyaaleessaa Itoophiyaan taasisuuf jirtu akka carraa gaariitti fayyadamuun hubannoo uumuun yaadota lamaan waldhahan kunneen walitti araarsuun sabboonummaa sabaafi sabboonummaa biyyaa walfaana adeemsiisuun barbaachisaadha jedhan.

Ijoo Dubbii

Dargaggoo: Anniisaa Jijjiiramaa, utubaa biyyaafi abdiig eree

Umriin dargaggummaa waa hunda jechuunis ifa hubattummaan guutameefi rakkoof furmaata ta'uudha. Akkasumas yeroo egeree ofitiifi, hawaasaafi biyyaaf bu'aa buusuuf humna ho'adhaan bu'uuri itti kaa'amuudha. Dargaggummaan dubbisuufi gaafachuudha.

Yeroo galaan egeree ittigalaafatamuudhas. Dargaggummaan abdiifi qajeelummaan guutamuudha. Umurii waa'een addunyaa, jireenyaa, ogummaafi beekumsaa ittidheebotamuudha. Yeroo ittibiyya koof maal hojjedhu jedhanii itti of gaafatan, ofirra namaaf ittijiraatan, darbees jaalalliifi tokkummaan ittillallabamuudha.

Dargaggummaan umrii jijjiiramaaf, hojii uumuufi ijaarsa biyyaatiif xiyyeeffannaa guutuu kennanii ittittattaafataniidha. Umrii ce'umsaa milkaa'ina egereetiif naamusa gaari uffachuun dammaqinaan itticarraqataniidha.

Kanumaan walqabatee ummata Itoophiyaan qabdu keessaa harka 70n kan umriisaa marsaa dargaggummaa keessatti argamuudha. Kana keessaa ammoo tokko sadaffaan barnootarratti kan argamuudha. Kunis humni misoomaaf oolu bal'inaan jiraachuu kan agarsiisuudha.

Gama kaaniin umrii kun yoo sirnaan qabamu baateefi hinhoggananne humna salphumatti badiifis saaxilamu ta'uun waan amanamuuf xiyyeeffannaan irratti hojjechuun kan qabnuudha.

Konfaransii 14ffaan dargaggootaa Oromiyaa mataduree, "Dargaggoonni anniisaa jijjiiramaa, utubaa biyyaafi abdiig eree" jedhuun tibbana guutummaa naannichaatti adeemsifames dhimmootuma ijoo irrannatti tarreessinerratti kan xiyyeeffateedha.

Konfaransichi maniiwwan guguddoo lama qabachuuni sadarkaa gandootarraa kaasee hanga naannooti kan geggeeffame. Manii tokkoffaan dargaggeessi haala waliigalaa biyyiifi addunyaa irra jirtu beekke ijaarsa biyyaa taasifamu keessatti gaheesaa akka bahatu akkasumas toora biyyi keenya qabatee jirtuufi imaammataafi tarsiimoo ba'uraa hirmaataafi fayyadamaa akka ta'u gochuufi.

Hojiilee hojjetamaa jiran sadarkaalee adda addaatti ciminootaafi hanqinoota jiranirratti hoggansasaa waliin mari'atee gaaffiifi yaada qabu mootummaaf dhiyeessee sadarkaa sadarkaadhaan deebiin akka itti kennamu gochuunis akeeka konfaransichaati.

Manii 2ffaan gurmaa'insa dargaggootaa cimaa ijaaruudha. Dargaggoonni gurmaa'ina mataasaanii niqabu. Fakkeenyaaf waldaa dargaggootaafi federeeshinii dargaggootaa kan ilaallu yoo ta'e, isaan kunniin sadarkaa gandaarraa kaasee hanga naannooti bakka koreensaani harca'eefi hojmaatisaa laafetti irra deebi'anii filachuudhaan gurmaa'insaanii carraa kanaan cimsaa jiru. Gaaffiilee bu'uraa dargaggoonni kaasan keessaas tokko dhimma carraa hojjiin walqabatuudha. Akkuma beekamu mootummaan carraa hojii bal'inaan uumuuf carraaqii adda adda taasisa jira.

Fakkeenyaaf baranuma dargaggoonni miliyoonaan lakkaa'aman carraa hojii argataniiru. Lakkoofsi kun guddaa ta'us oggaa baay'ina dargaggoota naannichaatiin walbira qabamee ilaalamu ammayyuu hojii bal'aan kan nu hafu ta'uun hubatamee tattaaffiin walirraa hincinne akka barbaachisu kan agarsiisuudha.

Akka hogganaa ittaanaan Biiroo Dargaggooofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Kadir Indaalkaachoo jedhanittis dhimma carraa hojii uumuu kanaan walqabatee rakkooleen lama adda bahan jiru. Isaanis rakkoolee gama dargaggootaafi gama mootummaatiin mul'ataniidha. Aadaan hojii qusanoo lafaa ta'uun akkasumas hojii filachuufi tuffachuun rakkoolee dargaggoota biratti mul'ataniidha.


Gama mootummaatiin ammoo carraa hojii dargaggeessaaf uumamuu qabu waa hunda raawwachuun carraan hojii akka uumamuufi liqii yeroon dhiyeessuurratti hanqinootni gara garaa jiraachuu qorannoodhaan mirkanaa'eera.

Dargaggoonni dhimmoota bakka oolmaa dargaggootaan walqabatanirrattis gaaffii kaasaniiiru. Gaaffiileen dargaggoonni kaasaniiif waltajumarratti deebiin kennameera. Dhimmoonni qaama mootummaa olaanaaf dhiyaatee deebii arachuu qabanis cuunfamarii qabatamaa jiru.

Dargaggeessi Oromiyaa jijjiiramaa kana argamsiisuu keessatti qaama adda durummaan qabsaa'uun seenaa hojjeteedha. Ammas dargaggeessi rakkoo nageenyaa Oromiyaa keessatti bakkawwan gara garaatti mul'atu furuu keessatti hirmaatee nageenya waraa mirkaneessuuf gaheesaa bahachuuf waliigalameera.

Walumaagalatti dargaggoonni anniisaa jijjiiramaa utubaa biyyaafi abdiig eree ta'an kunniin keessumaa nageenya waraaf xiyyeeffannaa kennuufi sababaa'oo ta'uun, hojii tuffachuu dhiisuun, waan isaanuma, hawaasaafi biyya fayyadurratti irreefi qalbi tokkoomaan hiriirani ofis biyyas ceessisuu qabu.

Yaada/Ajandaa



Siinqee olka'eef qawween gadi haa jedhu

Waasihun Takileetiin

Oromoon Oromoo hin ajjeesu muramte, dubbi jaarsi fixu qawween walfixuun fafa muramte, ummata gurri nagaafi aaga dhagahuu barbaadu rakkisuun fafa muramte; siinqeen olka'e nagaan labsame harki araaraaf baname cubbuu qaba muramte jedhamee lallabameera, lallaba nagaatiif gurra kennuun Oromummaadha.

Namni mana tokko ijaaru citaa walhinsamu jedhama. Nuti garuu citaa walsamuun tokko yoo ijaaru tokkumoo hindiiga. Afaanuma tokko dubbataa Oromummaaf qabsaa'aa afaantu walnumake. Kan tokko jedhu inni kaan dhagahuu dadhabe Iyyaariikoo miti, Oromiya badhaate dachee hiyyumni seenaa itti ta'e qe'ee olaantummaan seeraa itti kabajame ijaaruuf deemna jedhee kan gurra waliif kennu dhabame.

Dhuguma Oromiyaa jaalannaa laata? Sirna kana dhiignee lafeedhaa cabnee wareegama qaalii lubbuufi obsa fixachiisaa ta'e ittikaffalleerraa laata? moo karaarraa itti gorree dhuunfanne laata?

Dhugaa dubbachuuf jaalannes jibbines sirni amma aangoorra jiru bu'aa dhiigni ilmaan Oromoo kumaatamaa itti dhangala'ee argame, lafeen hedduu itti cabe, qabsoo hadhaa'aa cunqursaan jaarraa tokkoofi walakkaa olii itti cabe, sirna wareegama qaalii dhaloota hedduun dhaabateedha.

Sirna kana deeggarruus deeggaruu dhiisuus dandeenya. Haata'u garuu dhugaa jiru haaluun hindanda'amu. Hanqinni hamma fedhe jiraatus kan ofii abbaatu gorfatee deebifata. Mana waloo ofiis waliin ijaarrata. Kanaaf mana tokko, isheenuu Oromiyaa badhaate dimokraasiin keessatti gabbate ijaaruuf hamma deemnutti citaa walsamuu keessaa baanee walddhabdee keenya ilaafi ilaameedhaan furree walsamnee hojii hojjennee ofis Oromiyaas jijjiiruuf duuluu qabna.

Osoo kun ta'uu maluu sirnoota cunqursaa ba'aa dhalootaa ture dabaree dabareen hurreessuun erga diignee akkaataa mana keenya waloo, Oromiyaa itti ijaarrurratti waljifachuufi walddhiiguun siinqee olka'eef gadi jechuu dhabnee qawwee kaasnee bosona galuun adeemsa daran boodatti hafaafi duubatti nudeebiseedha.

Akkuma "Kan walnyaatu gidduudhaa waa nyaatu" jedhamu sirni barootaaf Oromoofi Oromummaarratti duuluun qorqalbi keenya miidhuuf yaale hurraaherraa walfunaanee wixxirfatu gamaa gamanaa nimul'ata.

Sirnoota ba'aa dhalootaa farra eenyummaa

keenya ta'an buqqisaafi hurreessaa wareegama qaalii hedduu itti kaffaluun har'a wayita oljennee deemuu eegalletti ofumaa walitti deebi'uun takkaan gantummaadha; lammattamoo aarsaa qaalii wareegamtoota keenyaatiif kabaja malu kennuu dhabuu waan ta'eef dhaabannee walddhaggeeffachuun garaagarummaa yaadaa jiru duudhaa keenya ganamaa, ilaafi ilaameedhaan furachaa deemuun dirqama.

Nuti hiriyaa garaa walhinbeekne otoo hintaane ilmaan haadhaafi abbaa tokkooti. Ilmaan Abbaa Gadaa dimokraasiin jalqaba nukessaa madde dacheen Kuush, qe'een Oromtichaafi Oromtittii nubiqilchee nuguddise warra safuufi haahafuu beeku ta'uun keenya dagatamuu hinqabu.

Haata'u garuu har'a erga imala karaa dheeraafi bu'aa bahii hedduu dabarree as geenyee booda akkuma hiriyaa garaa walhinbeekne malkaa ce'u hundatti walkaksiisa jedhamu walamataan nugidduudha dhabamee ammas siinqee olka'e dhiisnee qawwee kaasuun lafa keenyas nama keenyas miidhaa jira.

Yoo dhimma keenya nuti waliin hinbeekne eenyutu nuubeeka laata? Waljifachaa, walddhiibaa bowwaa walbuusuun sirna balaafamaa farra eenyummaa keenya ta'e kan ekeraansaa hamuummataa jiruuf walkennuu hinta'uu laata?

Jaalleewwan keenyaa, koottaa dhaabaddhaa walddhaggeeffadhaa dubbii mariin fixu qawween walfixuun Oromiyaa dirree jeequmsaa gochuun haaga'u. Oromoon qe'eefi qabeenyasaarratti kabaja dhabuun walari'uun si arge diina arge waliin jechuun nuhaaga'u. Dhimma keenya golatti mariidhaan haa xumurannu. Oromiyaa kan itti baqatan malee kan keessaa baqatan akka hintaane haa hojjennu.

Siinqeen faajjii nageenyaati. Kabajaafi safuus qaba. Kanaaf kanneen bosonatti haftan waamicha obboleeyyan keessanii dhaga'aatii, affeerraa, "Koota deebi'aa Oromiyaa waliin ijaarraa" jedhu fudhadhaa. Dhiiga dhangala'uu lafee akka malee cabu lubbuu akka malee darbus bararraa.

Dhiiga walddhagalaasnee, lafee walcabsee yoo lubbuu walbaasne Oromiyaa eenyuuf kenninee dabarra? moo orma dhaalchisnee dhaloota guddinarra jiru gabrummaa dhaalchisna laata?

Osoo walnyaannuu kan nufakkaachaa hamuummachaa jiru akka nuhin nyaanneef garaagarummaa yaadaa keenya ilaafi ilaameen

Gara fuula 14tti



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Marichi waldhaggeeffachuufi walkabajuun maddoota rakkoof furmaata kaa'uuf ulaa saaqu

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Marichi waldhaggeeffachuufi walkabajuun maddoota rakkoof ta'aniif furmaata kaa'uuf ulaa akka saaqu Komishiniin Marii Biyyalessaa ibse. Waltajjiin marii Magaalaa Finfinnee Caamsaa 21-27 bara 2016tti gaggeeffamaa ture ajandaan marii walittiqabuun hirmaattota boqonnaa marii iitaaunu filachuun goolabameera.

Komishinara olaanaan komishinichaa Pirofeesar Masfin Arayaa sirna goolabbii maricharratti ibsa gaazexeessitootaaf Kibxata darbe kennaniin, mariin ajandaa walittiqabuun Magaalaa Finfinnee bakka bu'oota qaamolee hawaasaafi qooda fudhatoota gaggeeffame milkaa'inaan goolabameera. Marichis waldhaggeeffachuufi walkabajuudhaan madda rakkoof jiruuf furmaata kaa'uuf ulaa kan saaqu ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, hirmaattotni ajandaa marii walittiqabuuf waltajjicharratti hirmaatan walkabajaafi waldhaggeeffachuudhaan yaalii guddaa taasisaniiru. Waltajjicharratti qaamoleen hawaasaafi qoodafudhattoonni kuun yaadota garagaraa dhiyeessuudhaan marii bal'aa taasisaniiru. Daandii dheeraa furmaata barbaachaaf deemamu keessatti mariin miira ittigaafatamummaafi abbummaan qabuun gaggeeffame akka tarkaanfii jalqabaatti ilaalama jedhaniiru.

Komishinichis ajandaa walittiqabamee kennameef ittigaafatamummaa labsiin itti kenname bu'ura godhachuudhaan akka qindeessu himanii; erga ajandaan dhiyaate qindaa'ee xumuramee booda ajandaa marii biyyalessaarratti dhiyaatu ummataafi qaamolee qoodafudhatootaaf ibsama jedhan. Qaamolee boqonnaa marii biyyalessaa Finfinnee akka milkaa'uuf tumsan hundaafis galata dhiyeessaaniiru.

Haaluma walfakkaatuun qaamolee qooda fudhatoota maricharratti hirmaatan tokko tokko gumaachasaanirraa cegamu amanamummaan ba'aa jiraachuu himaniiru.

Ambaasaaddar Muluu Solomoon



Pirofeesar Masfin Arayaa

maricharratti argamuun akka jedhanitti, rakkoof walxaxaa keessaa biyya baasuuf qoodafudhatootni ogummaaffi dandeettii qaban bu'ura godhachuudhaan ajandaa rakkoof biyyaaf furmaata ta'u gumaachuu qabu.

Garaagarummaan yaadaa mariin akka furamuuf lammiileen Itoophiyaa hundi miira abbummaa qabuun hirmaachuufi hordofuu qabu. Garaagarummaa yaadaa jiruuf afaan qawweetiin furmaata barbaaduun hafee nagaan biyyaafi obbolummaan akka dagaaguuf waldhaggeeffachuufi walkabajuun mariin eegalame ulaa bana.

Maricharratti dhimmoota rakkoof ta'an, dhimmoota hatattamaan furamuu qaban akkasumas yaada furmaata waliin ajandaa dhiyeessuun danda'ameera. Boqonnaa marii kanarraa wanti fooyya'u fooyya'ee akka muuxannootti fudhatamee milkaa'ina boqonnaa marii ittaanuuf galtee ta'uu qaba jedhan.

Qaamolee qooda fudhattoonni muuxannoofi ogummaa qaban amanamummaadhaan ajandaa dhiyeessuu akka qaban himanii; ummatis dhimma kooti jechuun abbaa dhimmaa ta'ee dammaqinaan hirmaachuu qaba. Mootummaan ga'eesaa ba'achaa haalota hundumaa qindeessuu qaba jedhaniiru.

Marii ajandaa walittiqabuun Caamsaa 21-27 bara 2016 aanaalee magaalaa Finfinnee 119 irraa qaamolee hawaasaa 11 bakka bu'an 121, dhaabbilee siyaasaa 52, dursistoota yaadaan ummata dursan 100, qaamolee mootummaa sadan (seera tuman, hiikaniifi raawwachiisan) jaarmiyaaleefi waldaalee bakka bu'an 250 hirmaachuun hubatameera.

Waamicha nageenyaa naannichatti taasifameen hidhattoonni kuma 10 harka kennatan

- Shawaa Bahaatti miseensonni ABO Shanee 416 harka kennatan

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Waamicha nageenyaa Mootummaan Naannoo Amaaraa taasiseen hidhattoonni kuma 10 ta'an nagaan harka kennachuu Biiron Kominikeeshiinii Naannichaa ibse. Hojii nageenyaafi olaantummaa seeraa kabachiisuuf hojjatameenis qormaanni kutaa 8ffaa giddugaloota aanaalee hunda akka qaqqabu taasifameera.

Hogganaan biirichaa Doktor Mangashaa Faantaawu ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiif kennaniin akka jedhanitti; rakkoowwan nageenyaa naannichaa keessa turan furuuf hojjiwwan hojjatamaniin yeroo ammaa naannichi gara nageenyaatti deebi'eera.

Iddoowwan tokko tokkotti humnoota hidhatanii socho'an ittisuun hojiiin nageenya waaraa mirkaneessuu bal'inaan hojjatamaa jiraachuu eeranii, haaluma kanaan kutaaleen hawaasaa kanaan dura garee kanaaf galaa dhiheessaa, daandii agarsiisaafi eeruu kenna turan gorsaa mariidhaan gara nagaatti akka fidan taasisuun danda'ameera jedhan. Mootummaan naannichaa humnoota nageenyaasaa bifa haaraan gurmeessee gara hojiitti waan galcheef aanaalee saddeetiin ala warri kaan to'annoo naannichaa jala jiraachuu dubbataniiru.

Nageenya fooyya'aa naannichatti argamaa jiru gara waaraatti ceessisuuf mootummaa federaalaa waliin ta'uun hojiiin hawaasa mariisuu bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu himanii, kunis nageenya waaraan mariidhaan malee afaan qawweetiin akka hindhufne hubatamaa dhufuu beeksisaniiru.

Rakkoof nageenyaa naannichaa mudatee tureen hojiilee misooma qonnaa, dhiyeessii qorichaa, barnootaafi kkf gufuuwwan hedduu mudachaa turuu yaadachiisanii, yeroo ammaa garuu hojii humnootni nageenyaa naannichaa raayyaa ittisa biyyaa waliin hojjataniin rakkooleen turan hiikamaniiru jedhan.



Doktor Mangashaa Faantaawu

Nageenya mirkaneessuu tajaajiloota adda citanii turan eegalchiisuu cinatti, hojiilee haaraa naannichatti bal'inaan gaggeeffamaa jiraachuufi pirojeektotni jalqabamanis yeroo qabameeffitti akka xumuramaniif xiyyeeffanna olaanaadhaan hojjatamaa jiraachuu ibsaniiru.

Gama biraatiin, Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Dugdaa, Aanaa Booraafi Magaalaa Maqiitti miseensonni ABO Shanee, dabballeefi seelii dabalatee waliigalatti namoonni 416 hidhannoo guutuu waliin karaa nagaan mootummaatti harka kennatan.

Miseensonni ABO Shanee meeshaalee waraana akka bireenii, Isnaayipparii, kilaashiifi meeshaa duubattii hafa waliin karaa nagaattin mootummaatti harka kennataniiru.

Miseensonni Shanee harka kennatan kunneen gaafa manaa baanu qabsoo dhugaa nutti fakkaatee ummata Oromootiif qabsoofna jennee turre; garuu hojiiin garichaa ummata Oromooratti rakkoolee garagaraa, dararaafi saamicha gaggeessuufi hojii qabeenya ummata balleessuu ta'uu waan hubanneef keessaa deebine jedhan.

Hawaasi naannawaa yaa'a lageeniifi haroowwanii jiraatu balaa lolaarraa ofeeggannoo taasisuu qabu

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Hawaasni naannawaa yaa'a lageeniifi haroowwanii jiraatan balaa tasaa lolaan qaqqabuu malurraa ofeeggannoo taasisuu qabu jechuun Ministeerri Bishaaniifi Inarjii ibse. Fuuldura kanatti hanga rooba idileen olii bakkeewwan tokko tokkotti roobuu akka danda'u Inistitiyuutiin Metiworoljii Itoophiyaa raageera.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Bulchiinsa Bishaan Qindaa'aa Obbo Balaayinah Yirdaawu ibsa torbee darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka ibsanitti, raaga Inistitiyuutiin Metiworoljii Itoophiyaa fuulduratti raage bu'ura godhachuudhaan hawaasni naannawaa yaa'a lageeniifi haroowwanii jiraatu balaa lolaatiif akka hinsaaxilameef of eeggannoo taasisuu qaba. Kanaafis hawaasni raaga haala qilleensaafi haaydiroljii hordofuu akka qabu ibsaniiru.

Raaga Inistitiyuutii Metiworoljii Itoophiyaa hordofee dandeettii bishaan qabachuu

qaamolee bishaanii, ujummoon dhangala'aa duuduun, kunuunsi yaa'a lageenii ga'aan dhabamuufaan walitti ida'amee hawaasni naannawaa yaa'a lageeniifi haroowwanii jiraatu yaaddoo balaa lolaa jala akka galu taasisa.

Sababootni gocha namtolcheefi uumamaan akka qaqqabu himanii; jijjiirama qilleensaafi ciramuun bosonaa hanga qabannaa bishaan lageenii akka dabalu taasisuun bitaaf mirga lageenitti ba'uun lolaa ta'ee lubbuu namaafi qabeenyarraan miidhaa qaqqabsiisa. Naannawaa magaalotaatti ujummoon dhangala'aa duuduun, ijaarsa magaalota keessatti ijaaraman hordofee lafti qotamu kallattii yaa'aa jijjiiruudhaan balaa lolaa qaqqabsiisa.

Yaa'a lageen 12 Itoophiyaan qabdu Baaroo Akooboo, Awaash, Gannaalee Daawwaa, Oomoo Gibee, Abbayyaa, Ogaadeen, Marab, Ayishaa, Danaakil, Takazeefaan yaaddoo balaa lolaa jala jiran keessaa akka fakkeenyaatti kaasaniiiru. Haroo Baatuu, Hawaasaa, Abbayyaa Caamoo haroowwan



yaaddoo balaa lolaa ittimul'achuu malu jedhaniiru. Kunis, kan ta'uu danda'uuf uumama teessuma lafaa, timaan guutamuu qaamolee bishaaniifi qarqara lageeniifi haroowwanii hawaasni qubatee jiraachuun balaaf saaxilamoo taasisa.

Lageen qeenxeen galtuu lageen gurguddoo ta'anis hanga rooba naannawasaaniitti roobu bu'ura godhachuudhaan yaaddoo balaa lolaa jala jiraachuu ibsaniiru.

Hawaasni yaaddoo balaa lolaa irraa ooluuf odeeffannoo akeekkachiisa balaa duraa raaga haala qilleensaafi haydiroljii

walqabatee Ministeera Bishaaniifi Inarjii irraa kennamu hordofuu qaba. Raaga haala qilleensaa guyyoota kudhanii ji'aafi ji'a sadiirraa ka'uudhaan dandeettii qabannaa bishaan lageenii irraa ka'uun raaga fuulduraa hordofuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Hojii bulchiinsa kallattii yaa'a lageenii hordofanii akka yaa'an taasisuu, tokkoon tokkoon yaa'a lageenii karoora balaa adda baasuufi xiinxaluu, raaga haala qilleensaafi haydiroljii kennamu hordofuun ofeeggannoo barbaachisaa hawaasni taasisuu qaba jedhaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Waxabajjii 1 Bara 2016

**“Kenni tajaajila
lammummaa
agarsiiftuu tokkummaa,
aantummaafi
obbolummaati”**

- Aadde Mabraat Baacaa

fuula 8



***Hajjii Bulbulaa:*
Atileetii cimaa nama
dhiisii roobnuu itti
hinqaqqabu
jedhamaa ture**

fuula 6



**“Gara fuulduraatti
kalaqaalee Itoophiyaa
sadarkaa addunyaatti
waamsisan hojjechuun
barbaada”**

-Barataa Barakat Ballaxaa

fuula 10

KEESSUMMAA BARIISAA

Hajjii Bulbulaa: Atileetii cimaa nama dhiisii roobnuu itti hinqaqqabu jedhamaa ture

Tashoomaa Qadiidaatiin

Dhalli namaa erga dachee kanarratti uumamee kaasee wal'aansoo jiruufi jireenyasaa guyyuu mo'achuuf ifaajjiifi sochii taasisuun fayyummaafi jabeenya qaamasaa osoo beekuus ta'e hinbeekiin eeggachaa kan ture ta'uu seenaan jalqabbii ispoortii ni ibsa.

Sochiin ispoortii jaarraawwan hedduu dura akka feeteen jalqabame kun ammaan tana bifa qindaa'eefi jaalatamummaa gonfateen akkasumas kabajaafi ulfina biyyaa eegsiseen gaggeeffamuun erga jalqabamee as garuu sadarkaa idiladdunyaatti faajjii (mallattoo) eenyummaa biyyaa ta'uun nageenya, jabeenyaafi tokkummaa ummata Addunyaa ibsuun ga'ee olaanaa taphachaa jira.

Nutis akka biyya keenyaattis ta'u addunyaatti yaadrimee addunyaan ispoortii ispoorteesitootaaf qabdu kana fudhachuun madda ispoorteesitootaa kan ta'e godinni Arsii, keessummaa Boqojjiirratti xiyyeeffachuun gaafdeebii gootashii tokko wajjin taasisne isin dubbisiisna.

Gara gaafdeebii keenyaatti ce'uun dura waa'ee Boqojjii waanuma gabaabduu walhaa yaadachiisnu. Boqojjiin dirree baldhoo, loowwan hedduu itti horsiisaman, omisha garbuufi qamadii, qilleensa jireenyaaf namatti toluun kan beekantuudha. Waggoota muraasaa as ammoo gootota ispoortii atileetiksii Arsii Oromiyaa bira darbee Itoophiyaa Addunyaarratti beeksisan horachuudhaanis beekamti.

Oggaa waa'ee gootota boqojjii kaafnu yeroo jalqabaatiif Arsii Awaash ce'ee dirree ispoortii atileetiksii irratti kan mul'ate Atileet Hajjii Bulbulaa jedhamuudha.

Atileet Hajjiin ardiilee Addunyaa Afrikaa, Eeshiyaa, Ameerikaas ta'u Awurooppaa baay'eetti dorgommuudhaan gamatti haala dinqisiisaadhaan mo'ateera. Gaazeexaan Bariisaas seenaa gootaa kaasuudhaan hojiisaa dubbisootaaf dhiheessuuf bakka jiru iyyaafatee keessummaa maxxansa kanaa taasifateera.



Bariisaa: Arsii bakka kamitti, yoom dhalatte?

Hajjii Bulbulaa: Kanan dhaladhe bara 1952 Bulchinsa Arsii, Konyaa Cilaaloo, Aanaa Limmuufi Biilbiloo, Ganda Limmuu Rogichaa (Limmuu Mikaa'eel) jedhamutti.

Bariisaa: Barumsa eessatti jalqabde?

Hajjii Bulbulaa: Barumsa koo Mana Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Kaataar jedhamuttin baradhe. Sana dura garuu akkuma daa'imman baadiyyaa kamuu hoolotaafi jabbilee tikseera.

Bariisaa: Ispoortii atileetiksii hoo akkamitti jalqabde?

Hajjii Bulbulaa: Ijoollummaa kiyarraa kaasee fiiguun jaaladha. Waanin baadiyyaatti dhaladheef yeroon mana barumsaa dhaquufi deebi'u fiigichaani. Yeroon haajaaf (dhimmaaf) gara magaalaa deemus farda hinbarbaadu. Ergan mana barumsaa galees kan nafaana fiigee namo'ate hinjiru.

Haalli qilleensaa bakka ittihaladhee baddaa waan ta'eef yeroo baay'ee rooba hindhabu. Anis oggaan mana barumsaati bahee gara manaatti qajeelu akka tasaa ta'ee yoon rooba argu osoo inni nandhaqqabiin dafee jalaa gala. Kanaafuu hiriyoonni kiyya "Nama dhiisii roobnu hindhaqqabu" naan jechaa turan.

Yeroo baay'ee fardeen hurufarra burraaqan qabuun rakkisaadha. Ani garuu ari'ee dadhabsiisee qabee abbaa fardaatiif kennaan ture. Beelladooti tokko tokkos fiigani nama jalaa bahu. Ani ammoo dadhabsiisee gororasaaniif fixachiisuudhaan dhaabee gara manaatti galchaayyu. Kanumarraa ka'uunis rakkinni akkanaa yoo mudate Hajjii waamaa jedhamaa ture.

Mana barumsaattis ispoortii kutaa

kutaadhaan adda qoodamnee yoo taphannu hiriyoonni kiyya dafanii nafilatu. Maaliif yoo jedhame fiigichaan kan nacaalu waan hinturreef.

Kanumarraa kan ka'e mana barumsaa kiyya bakka bu'uun filatamee dorgommii sadarkaa aanaa, yeroo san konyaa (awuraajjaa) jedhamaa, akkasumas kutaa biyyaa Arsii bakka bu'ee hirmaachuuf carraa kanan argadhe.

Booda keessa Finfinneetti yeroo baay'ee atileetota kilaboota adda addaa kanneen muuxannoo qaban wajjin fiigee mo'achuu kiyyaan garee atileetiksii biyyaalessaatti makame. Qabxiin kiyyas yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa dhufuudhaan leenjistoonni yeroo sanaa sadarkaa biyyaalessaatti akkan dorgomu carraa naa kennan. Walumaagalatti ka'umsi kiyya ispoortii mana barumsaati.

Bariisaa: Yeroo jalqabaatiif Finfinnee deemtee akka dorgomtuuf eenyutu si gargaare?

Hajjii Bulbulaa: Akkuman irranatti ibse mana barumsaati ijoolllee baay'ee wajjin dorgomaa turre. Namni Saajiin Guutaa jedhaman, Urgee Waakeenneefi ani sadarkaa mana barumsaa dhiisii aanaattuu akka fakkeenyaatti nu kaasaa turan. Haaluma kanaan leenjisaan keenya nama Irreessaa Bayyanaa jedhamu "Ni mo'atta" jechuun yeroo jalqabaatiif Finfinnee nafide.

Yeroo sana kanan fiige Arsii bakka bu'eeni. Mo'achuu baadhus qabxi gaarii argadheera. Sa'aatiin itixummure waan gaarii tureef Kilabni Buna Itoophiyaa akkan isaan wajjin turuuf na gaafate.

Ergan Buna Itoophiyaatti makamee booda akkan garee biyyaalessaatiif dorgomu leenjistoonni yeroo sanaa nagaafatan.

Achumaan garee biyyaalessaa Itoophiyaatti makamee atileetota shaampiyoonnaawwaniifi Olompikiirratti maqaa olaanaa qaban wajjin shaakaluu jalqabe.

Bariisaa: Arsii bakka bu'uudhaan dorgommii qaxxaamura biyyaarratti hirmaachuun mo'atteertaati haalasaa nuu ibsimee?

Hajjii Bulbulaa: Eeyyeen. Dorgommii qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaarratti kanan hirmaadhe Arsii bakka bu'uudhaani. Dorgommii qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaa 3ffaa bara 1978 adeemsisamerraatti jechuudha.

Dorgommiin kan adeemsisamee fiigicha kiiloo meetira 12n atileetota biyyoota jahaa jidduutti. Hirmaattonni yeroo sanaa Itoophiyaa dabalatee Keeniyaa, Yaman, Jibuuti, Tokkummaa Soviyetii (Raashiyaa har'aa)fi Bulgaariyaarraa turan.

Ani daqiiqaa 36:27 tokkoffaa ba'ee mo'achuu kiyatti qabxiin kiyya akka biyyaatti waan qabameef meedaaliyaa warqii fudhachuu danda'eera. Atileetonni Baqqalaa Dabaleefi Waldasillaasee Milkeessaa jedhaman lammaffaafi sadaffaa ta'uun meedaaliyaa meetiifi nahaasa badhaafamaniiru. Isaan lamaanuu atileetota Raayyaa Ittisaa (Machaal) turan.

Haaluma kanaan Itoophiyaan dhunfaanis ta'u gareedhaan tokkoffaa bahusheetti waancaafi meedaaliyaa warqii argachuu dandheetteetti. Qabxiin kun akka Arsii osoo hinta'in akka biyyaatti waan qabameef maqaan kiyyas atileetii Itoophiyaa jedhamee galmaa'e.

Dorgommiin qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaa kun biyya teenyatti bara 1976 biyyoota jaha jidduutti yoo jalqabamu Itoophiyaan beektotaan kiiloo meetira

12n, dargaggootaan kiiloo meetira sagaliin hirmaattee turtte. Gareewwan lameeniinuu dhunfaafi gareedhaan tokkoffaa bahuun mo'atte.

Fiigicha kiiloo meetira 12n Atileet Hayiluu Waldatsaadiq jedhamu daqiiqaa 33:44 tokkoffaa bahuudhaan mo'ate. Sa'aatiin inni yeroo sana ittiin mo'ate kun yeroo baay'eedhaaf riikordii Jaanmeedaa ta'ee kan tureedha. Hanguma ammaattuu fooyya'usaa nan shakka.

Dorgommii qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaa kanarraatti bara 1979 Abbabaa Mokonnaan sakandii 10n nacaalee tokkoffaa yoo ba'u, ani ammoo lammaffaa, Waldasillaasee Milkeessaa sadaffaa bahe. Wanti sidinqu Abbabaa Mokonnaan sakandii 10n yoo nacaalu, anis Waldasillaasee sakanduma 10n caaleen mo'adhe.

Bara 1980 fiigicha kiiloo meetira 12 Itoophiyaa dabalate atileetonni biyyoota torbaa irratti qooda fudhatanii turan. Abbabaa Mokonnaaniifi Baqqalaa Dabalee tokkoffaafi lammaffaa yoo bahan, ani ammoo sadaffaa baheera.

Bara 1981 ammoo Abbabaa Mokonnaan yeroo 3ffaa walitti aansee tokkoffaa yoo bahu, ani lammaffaa, atileetiin Dabbabaa Damisee jedhamu sadaffaa bahe.

Bara 1982 Itoophiyaa, Taanzaaniyaa, Keeniyaa Zimbaabuween kanirratti qooda fudhatan dorgommii qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaatti atileet Haaddish Abbabaa tokkoffaa yoo bahu, ani ammoo yeroo sadaffaadhaaf lammaffaa baheera.

Dorgommii kanatti Abbabaa Mokonnaan walittaanssee waggoota sadanuu mo'achuusaatti mootii dorgommii

KEESSUMMAA BARIISAA

Hajjii Bulbulaa: Atileetii cimaa nama dhiisii roobnuu itti...

qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaa isa yoo taasisu, ans yeroo sadii walitti aansee lammaffaa ta'uu kiyyatti atileetii duraan ta'a.

Bariisaa: Dorgommii bara 1983tti adeemsifame hoo akkamiin yaadatta?

Hajjii Bulbulaa: Kan bara 1983 biyyoota shan jidduutti adeemsisametti Arsii bakka bu'udhaan kan hirmaate obboleessi hangafa Hayilee Gabrasillaasee Takiyyee Gabrasillaasee, Baddiluu Kibratiifi Nugusuu Urgeetti aanee sadaffaa baheera. Arsii bakka bu'udhaan anatti aanee atileetii lammaffaa ta'uu danda'eera.

Sana booddee atileetota Boqojjii, Kofalee, Saaguree, Asallaafi Heexosaa burquudhaan Itoophiyaa addunyaarratti waamsisaa turaniidha.

Fakkeenyaaf atileet Laggasaa Tiggee, Lammii Cangaree, Warquu Biqilaa, Hayilee Gabrasillaasee, Gazaahany Abarraafi Tasfaayee Tolaa, Hayiluu Makonnoon Gootota Olompikii Qananiisaa Baqqalaafi Taarikuu Baqqalaafaa kaasuun nidanda'ama.

Dubartootaan ammoo Daraartuu Tulluufi Faaxumaa Roobaa, Ijjigaayyoo Dibaabaafi obboolaashee Xirunashiifi Ganzabee, Mastaawot Tufaafaan kanneen yeroo gabaabaa keessatti beekamtii gonfataniiidha. Kanaafuu baay'een itti gammada, ittiin boona.

Bariisaa: Sadarkaa idiladdunyaatti qabxiin galmeesiste maal fakkaata mee?

Hajjii Bulbulaa: Ergan yeroo gabaabaa keessatti garee biyyaalessaa Itoophiyaatti makamee sadarkaa dargaggootaafi beektootaatti Itoophiyaa bakka bu'udhaan biyyoota adda addaatti fiigeera.

Keessumaa dorgommii qaxxaamura biyyaa bara 1979 magaalaa guddoo Angoolaa, Luwaandaatti adeemsisametti sa'atii gaarii galmeesisuudhaan tokkoffaa ba'ee mo'adheera.

Dorgommiiin kun kan qophaa'e bara haaraa Awurooppaa sababeeffachuudhaan yoo ta'u, atileetoota ciccimootu irratti hirmaate.


Dorgommichi kan adeemsifame kiiloo meetira sagaliin yoo ta'u, tokkoffaa ba'uun kanan mo'adhe daqiiqaa 25:12n. Sa'atiin kun sanaan dura atileetii beekamaa Keeniyaa, Birihaanuu Girmaatiin qabame kan ture sakandii 12 oliin fooyyessuu danda'eera.

Lammaffaa kan bahe atileetii biyya Taanzaaniyaa Jaamaa Miinyaa Poondi yoo ta'u, hiriyaan kiyya C a a l a a Urgeessaa ammoo sadaffaa baheera.

Dorgommiiin qaxxaamura biyyaa Angoolaa kiiloo meetira sagalii kun ALA bara 1969 kan jalqabame yoo ta'u, Birihaanuu Girmaa bara 1972 irraa kaasee yeroo sadii walitti aansuudhaan mo'ateera.

Angoolaatti Birihaanuu Girmaa Mootii qaxxaamura biyyaa Angoolaa jedhamuudhaan beekama. Kanumarraa kan ka'e gaafa dorgommii sadaffaa mo'atu badhaasa waancaa guddaa Angoolaa argateera.

Akkasumas biyyoota Awurooppaa keessumaa ALA bara 1986 dorgommii qaxxaamura biyyaa Siwizarlaanditti



adeemsisameen dhuunfaadhaan 17ffaa, gareedhaan ammoo Itoophiyaan 2ffaa ta'uu dandeeetteetti.

Bara 1987 Waarsoo, magaalaa Poolaanditti dorgommii qaxxaamura biyyaatti gareedhaan Itoophiyaan akka injifatu ga'ee olaanaa taasisera.

Shaampiyoonaa atileetiksi Addunyaa kiiloo meetira kudhanii kan ALA bara 1987 Xaaliyaan, Roomitti adeemsisametti dhunfaadhaan 23ffaa bahuus Itoophiyaa gareedhaan 2ffaa turte. Niwiizilaand, magaalaa Aklaanditti dorgommii qaxxaamura biyyaa adeemsisameen Itoophiyaan gareedhaan lammaffaa yoo taatu ani miseensan ture.

ALA bara 1988 shaampiyoonaa atileetiksii Afrikaa Seeneegal, magaalaa Daakaaritti adeemsisametti fiigicha meetira kuma shaniifi kuma 10n lamaaniinuu lammaffaa ta'uun xumureera.

Dorgommii qaxxaamura biyyaa ALA bara 1989 Faransaay, magaalaa Ayyaakis jedhamtutti adeemsisametti dhunfaadhaan 4ffaa yoon bahu, Itoophiyaan gareedhaan sadarkaa 2ffaa argatteetti.

Akkasumas Xaaliyaanitti fiigicha meetira kuma shaniin tokkoffaa bahuu kiyyaan ala daqiiqaa 13:31.00 riikardii bakkichaa fooyyesseen ture. Fiigicha meetira kuma kudhanii Fiinlaandi, Heelsinkiitti adeemsisameen ammoo daqiiqaa 27:43.04n raawwachuudhaan mo'adheera. Sa'atiin kunis yeroo san sa'atii fooyya'aa bakkichaati jedhameeti kan galmaa'e.

Bariisaa: Yeroo dorgommii keessa turte san olompikiirratti hirmaachuuf carraa argattee beektaa?

Hajjii Bulbulaa: ALA bara 1988 yeroo atileetoni Itoophiyaa Adduyaarratti

olaantummaa qaban ture. Anis biyyoota baay'eerratti mo'achuudhaan meedaaliyaawwan heddu argadheera.

Morookoo, magaalaa Raabaatitti fiigicha meetira kuma 10n atileeta biyyaatti beekamaa nama Biraahim jedhamu wajjin dorgommii xiiqii fixachiisaa taasisse lammaffaa ta'eera. Atileetiin Morookoo kun yeroo san Addunyaarratti atileetota beekamoo keessaayis tokko ture.

Yeroon sun yeroo Olompikii 24ffaa Koriyaa Kibbaa, See'ulitti adeemsisamuuf biyyoonni miseensonni koree olompikii biyyoolessaa ittiqophaa'an ture. Haata'u malee Itoophiyaan sababii siyaasa yeroo sanaa tureen biyyoota Sooshaalizimii hordofan deeggaruudhaan hinhirmaadhu jettee hirmaanaa ala taatee waan tureef abdiin nuti qooda fudhannaaf qabnu nu jalaa dukkanaa'e.

Yeroo san fiigicha meetira kuma kudhaniifi kuma shaniin, akkasumas maaraatoniidhaan atileetoni Itoophiyaa injifannoodhaan addunyaarratti olaantummaa gonfatan waan tureef abdiin keenyas ni hirmaana kan jedhu ture. Ta'us murtee mootummaatiin osoo hinhirmaatin hafeera.

Yeroo san atileetoni nu mo'annu keessumaa atileetiin Morookoo Biraahim Bootaayeb jedhamu tokkoffaa yoo bahu, atileetiin Xaaliyaaniifi Keeniyaa lammaffaafi sadaffaa bahaniiru. Carraan ani Olopmpikiirratti hirmaachuuf qabus yeroo san najalaa baate.

Bariisaa: Atileetoni baay'een dorgommii keessa kanan scene ebaluu argeeni jedhu. Ati eenyu maqaa dhoofa?

Hajjii Bulbulaa: Akuma beekamu yeroo jalqabaatiif Arsii bakka bu'udhaan shaampiyoonaa qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaarratti kan hirmaate anuma jedhen ture. Arsiirraa ani atileeta duraati jechu baadhus sadarkaa bulchiinsaatti keessumaa naannawaan ittidhaladhe bakka bu'ee hirmaadhe mo'achuu kiyyaan atileetii duraa na taasisa.

Ka'umsa kiyya ebalu jechuuf anu nama yeroo jalqabaatiif Arsii bakka bu'ee Finfinnee dhufee mo'ate waanin ta'eef ebalu ilaaleen fiigicha jalqabe jechuun natti ulfaata.

Haata'u malee ergan Finfinnee dhufee atileetota hangafoota Keenya warreen yeroo san Olompikiifi shaampiyoonaaawwan adda addaarratti mo'achuun beekaman Miruts Yifxar, Mahaamad Kadiir, Isheetuu Turaa, Tolosaa Qottuu, Birihaanuu Girmaa, Yohaannis Mahaammad, Darajee Nadii, Kabbadaa Baalchaafaa seenaasaanii yoon dhagahu baay'ee itti gammadaa ture.

Yeroo san isaan dorgommii dhaabaniin leenjistoota kilaboota addaa addaafi garee biyyaalessaa turan. Isaan qofa miti Obbo Nigusee Roobaa, Irreessaa Maammoo Waldee, Doktor Yilmaa Bartaa, Doktor Waldamasqal Kostireefaani leenjistoota keenya turan. Leenjistoota daran kabajamaniifi jajamaniidha.

Yeroon Arsii bakka bu'uun Finfinnee dhaqe san ispoortiin atileetiksii biyya keessatti babal'achaa waan dhufeef sadarkaa dargaggootaatti Takkiyyee Gabrasillaaseefi Laggasaa Tsiggee nafaana bu'udhaan dorgommii qaxxaamura biyyaa Jaanmeedaatti hirmaachuun mo'ataniiru.

Achumaanis carraa kilaboota adda addaa keessatti mindeeffamuu argatan. Kanaafuu anatti aananii atileetota Arsii bakka bu'uun Jaanmeedaatti mo'atan isaan taasisa.

Bariisaa: Yeroo dheeraadhaaf seenadhaan malee ispoortii atileetiksirraa fagaattee turte. Hiriyooni kees si'arguu hindandeenye jedhama. Kun maaliif ta'e?

Hajjii Bulbulaa: Kanin dorgommii dhaabe dadhabee miti. Yeroo san rakkina baay'ectu namudate. Leenjistoota kiyya wajjin wali galuu dhabuudhaan kanan dhaabe. Waggoota lamaaf dorgommiirraa akkan fagaadhu adabameen ture. Sana booddee hamileen kiyya nicabe.

Yeroon dorgommiirra ture kilaba Buna Itoophiyaafi garee biyyaalessaa Itoophiyaafin fiigaa ture. Adabamuu kiyyatti carraa lameenuu dhabe. Bakkan itti hirkadhu dhabuurraa kan ka'e rakkoo guddaa keessan gale. Hiriyootan kiyya warreen dur nabeekan birayyuu dhaquun qaaneffadhe.

Naa gamnaanin gara Arsiitti deebi'e. Iddoon ani jiraadhu magaalaa Boqojjiiti ala waan ta'eef yeroo baay'ee qe'erraa hinfagaadhu. Haata'u malee warreen kanaan dura nabeekan tokko tokko keessumaa Komaandar Bashaadduu Dabaleefi Saajiin Guutaa Kabbada nafaana bu'udhaan akkan gadi bahee nama wajjin olu nataasisuusaaniitiin har'a sifaana walarguu danda'eera.

Bariisaa: Haalli maatii kee akkami? Haalli jireenyaa kee hoo?

Hajjii Bulbulaa: Maatii qaba. Ijoollee lamas horadheera. Isaan wajjin jiraadha. Isaanis akkuma kiyya harkaqaal'eeyyiidha. Hojii hinqaban. Inni dhiiraa umriisaa waggaa 15, isheen dubaraa xinnoodhaa; wajjumaan jiraana.

Kaleessa dirreewwan ani itti fiigutti na faana kan ture lammiin kiyya har'a iddoon ani jiru hinbeeku. Ani garuu baadiyyaa Boqojjii, godoo xiqqoo takka keessatti maatii kiyya wajjin gadadoo keessattin argama. Kanaafuu lammiin koo akka nagargaarun barbaada.

Bariisaa: Ati nama seenaa guddaa hojjetee asgaheedha. Atileetoni hedduun faana kee bu'udhaan addunyaarratti beekamtii olaanaa kan argatan kanneen Boqojjiidhaa bahan waan ta'aniif isaan wajjin walquba qabduu?

Hajjii Bulbulaa: Akkuman sitti himuuf yaale yeroo baay'ee rakkoolee adda addaa naqunnamaniin namaan walarguu hindandeenye. Haata'u malee Komishinar Gargaartuu Daraartuu Tulluufi Komishinar Gargaaraan Huseen Shiboo dhiyeenya kanaa kaasanii gargaarsa naa gochaa jiru. Ijoolleen takka takkas harka natti hiixachuu hinoolle.

Ani garuu gargaarsa waaraa keessumaa mana jireenyaa argadhee maatii kiyya wajjin jiraachuun barbaada. Mucaan kiyyas faana kiyya bu'udhaan kilaba atileetiksii osoo argatee natti tola.

Umriin kiyya deemeera. Nadhukubas. Akka kanaan duraa asii achi fiigee, bu'ee ba'ee carraaqee jiraadha jechuuf narakkisa. Kanaafuu hiriyoota kiyyaafi jaalattoota kiyyaan hanga humni keessan danda'e nagargaaraa jechuuniin barbaada.

Ilaamee...

“Kenni tajaajila lammummaa agarsiiftuu tokkummaa, aantummaafi obbolommaati” -Aadde Mabraat Baacaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Hojiin tajaajila lammummaa ganna Oromiyaa mataduree, ‘Harmeef gaaddisa, dhalootaaf kunuunsa’ jedhuun torban har’aa bakka hoggantoonni olaanaan naannichaa argamanitti Magaalaa Adaamaatti mana harkaqaal’eeyyii oolmaa daa’immanii ijaarudhaan ifatti jalqabeera.

Magaalaa Adaamaa, Aanaa Gooroo, Zoonii Gadaa Malbaa 07 keessa kan jiraatan Aadde Birrii Hayilagoorgis haadholii harka qalleeyyii manni isaanii hojii tajaajila lammummaa ganna baranaatiin akka ijaaramuuf carrooman keessaa isaan tokko. “Rakkoo himee hinfixu, manni narratti jige jedhee yeroo gara garaa bulchiinsa gandaatti iyyachaan ture. Manni ani keessa jiraadhu kun ni dhimmisa. Har’a manni koo hojii tajaajila lammummaa kanaan akka naaf ijaaramuuf carraa argachuu kootti guddaa gammadeera” jedhu Aadde Birriin.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti, Qindeessaan Kilaastera Hawaasummaa Obbo Abdulhakiim Muluu haasaa baniinsa sagantichaarratti taasisaniin akka jedhanitti, hojiin tajaajila lammummaa dhimma dirqama lammummaafi agarsiistuu sabboonummaa keenyaati. Sabboonummaan dhugaa, biyya jaal’achuufi sabaaf quuqamuun akkasumas namooma dhugaa qabaachuun kan keessatti mul’atuufi ifu kenna tajaajila lammummaa keessatti. Mootummaan naannoo Oromiyaa aadaafi duudhaa Oromoo kaleessaa bu’uura godhachuufi humna, qabeenya, beekumsaafi ogummaa qabnu qindeessuudhaan hojii tajaajila lammummaarratti bal’inaan hirmaachuun rakkoo hawaas-dinagdee ummata keenyaa hiikuufi salphisuuf akkasumas hariiroo waliin jireenyaa keenyaa cimsuufi aadaa walgargaarsaa keenyaa daran jajjabeessuuf hojjechaa jira.

Qonnaan bultoonni, horsiisee buloonni, jiraataan magaalaa, hojjetaan mootummaa, abbootiin qabeenya, dubartoonniif dargaggoonni Oromiyaa karaa guutuu ta’een humna, beekumsaafi qabeenyasaanii walitti qindeessuudhaan namoota harka qalleeyyii bira dhaabbachuudhaan aadaafi duudhaa keenyaa ganamaa calaqqisiisaa jiraachuu kan himan Obbo Abdulhakiim, namni hundi ittigaafatamummaa sammuu jalaa ba’uufi gammachuufi boqonnaa sammuu argachuuf hojii kenna tajaajila lammummaa kanarratti bal’inaan hirmaachuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa humna waloo qindeessuudhaan hojii kenna tajaajilaa kana milkeessuurratti hojjechaa jiraachuu himanii, mootummaan naannichaa aadaafi duudhaa keenyaa bu’uura godhachuudhaan hojiilee tajaajila lammummaa milkeessan hedduu raawwachaa jira. Naannichatti hojii kenna tajaajila lammummaa bara darbeetiin manneen harka qalleeyyii kuma 65 ol ijaaramaniiru. Hojii tajaajila lammummaa ganna kanaafi bara dhufuutiin ammoo manneen harka qalleeyyii kuma 130 ol magaalotaafi baadiyyaa Oromiyaatti ijaaruuf karoorfamee hojiitti seenameera.

Hojiin tajaajila lammummaa rakkoolee hawaas-dinagdee hawaasaa furuufi ba’aa jireenyaa isaanirra jiru salphisuu keessatti



Wayita hojiin tajaajila lammummaa Magaalaa Adaamaatti jalqabsiifametti

gumaacha olaanaa kan qabu ta’uu himanii, hojiin kenna tajaajilaa kun hariiroo waliin jireenyafi tokkummaa keenyaa daran cimsuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta’uu eeraniiru.

Ummanni magaalaa baadiyyaa, dargaggoonni, dubartoonni, abbootiin qabeenya, daldalaan, qonnaan bulaafi horsiisee bulaan keenya qabeenya humaa fi beekumsasaa walitti fuduudhaan hojiilee tajaajila lammummaatiin raawwachuuf karoorfamaniratti bal’inaan akka hirmaatan kan yaadachiisan Obbo Abdulhakiim, kenna tajaajilaarratti hirmaachuun hojii sammuu keenyaaf boqonnaafi gammachuu kennu ta’uurra darbee hojii namaafi Waaqa biratti jaalatamu waan ta’eef hunduu dammaqinaan akka irratti hirmaatuuf waamicha dhiyeessaniiru.

Daa’imman keenya qaamaafi sammuuudhaan cimaniin akka guddataniif mootummaan naannichaa daa’immaniif xiyyeeffannaa addaa kenne irratti hojjechaa jira. Giddugala oolmaafi tursiisa daa’immanii akkasumas bakka daa’imman itti taphatan tajaajila lammummaatiin akka ijaaramu ta’uun agarsiiftuudha.

Dandeettii waa yaaduufi kalaquu daa’immanii guddisuun kunuunsa addaa waan gaafatuuf hojiin giddugala oolmaafi tursiisa daa’immanii hojii kenna tajaajila lammummaa kanaan bakkawwan hundatti babal’isuuf kan hojjetamu ta’uus eeraniiru.

Hoggantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa’imman Oromiyaa Aadde Mabraat Baacaa akka jedhanitti, hojiin tajaajila lammummaa dhuudhaa Sirna Gadaa keenyaa yoo ta’u, hojii eebbifamaa namaafi Waaqa biratti jaalatamuudha. Kenni tajaajila lammummaa agarsiiftuu tokkummaa, aantummaafi obbolommaati.

Kenni tajaajilaa daangaa tokko malee namoota hunda qaqqabu of keessaa qaba. Hojiin kenna tajaajila lammummaa beekumsaafi kallattii addaa akkasumas hojmaata haaraa hinbarbaadu. Nama gargaaruuf nama ta’uu qofti gahaadha waan ta’eef.

Nuti ummanni Oromoo aadaafi safuufi duudhaa biyya keenyaa qofaaf utuu hintaane addunyaaf fakkeenya gaarii ta’u qabna kan jedhan Aadde Mabraat, isaan keessaa tokko aadaa walgargaarsaa ummata Oromooti. Oromoon aadaafi duudhaa Sirna Gadaatiin gabbifatee yeroo, humna, beekumsa, ogummaafi qabeenya qabuun namoota

sababoota adda addaan rakkoof saaxilaman ittiin gargaaru qabaachuu yaadachiisaniiru.

Hawaasni naannawaasaa bilisaan akka tajaajiluuf akkasumas jaalala naannawaafi biyyasaatiif qabu akka dabaluu taasisuufi ilaalcha abbaa biyyummaasaa gabbifachuun ijaarsa biyyaa keessatti gaheesaa akka bahatu gochuuf mootummaan Naannoo Oromiyaa labsii kenna tajaajila lammummaa Caffeedhaan raggaasisee hojii qabatamaa keessa erga galamee waggoota shan lakkoofsiseera. Hojii tajaajila lammummaa baroota darban keessa raawwatamaniin bu’aalee guguddoon galmaa’aniiru jedhan.

Caasaan Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii bara darbe karooraa xiiqqi qopheeffatee qaamolee adda addaa waliin ta’uun manneen haadholii harkaqaal’eeyyii kuma 65fi 531 oliif ijaaru himanii, daa’imman harka qalleeyyii miliyoona 3.6 ta’aniif ammoo deggarsa meeshaalee barnootaa akka argatan ta’era. Haadholii ba’aa dugdaatiin dararamaniif harreefi gaarii kuma torbaafi 460 bitee haadholiif kennuun ba’aa guddaa isaanirraa buusuun danda’ameera jedhan.

Dhaabbileen mootummaafi mitmootummaa, abbootiin qabeenyaafi qaamoleen hawaasaa hundi tajaajila lammummaa bara darbee keessatti hirmaannaa olaanaa taasisan kan baranaarrattis akka irra deebi’an kan gaafatan Aadde Mabraat, hojichaan manneen haadholii harkaqaal’eeyyii kuma 130fi 652 ijaaruuf karoorfamee hojiitti seenameera.

Akkasumas dubartoota harkaqaal’eeyyii kuma 15fi 82f gaarii, harree, fardaafi loowwan aannanii sanyii fooyya’aa bituuf karoorfameera. Gama biraatiin sosochii lukkuuwwan 100 maatii tokkoof jedhuun lukkuuwwan kuma 226fi 230 arjoomuuf karoorfamee hojiitti seenamuu himaniiru.

Hojii tajaajila ganna kanaatiin daa’imman miliyoona 3.8 sababa rakkoo uumamaafi namtolcheetiif saaxilamaniif deggarsa meeshaalee barnootaafi kkf gochuuf karoorfamee hojiitti galamuu himanii, hojii tajaajila lammummaa kanaan hojjetaa mootummaatiif iddoo tursiisa daa’immanii 267 ol guutuu Oromiyaatti hojjechuuf karoorfameera jedhan.

Dabalataanis iddoo tursiisa daa’imman hawaasaa 300 guutuu Oromiyaatti akkasumas iddoo ijoolleen itti taphatan gandoota naannichaa kuma torbaafi 426 hojjechuuf karoorfamuus eeraniiru.

Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa’immanii jaarmiyaaalee dubartootaafi dargaggootaa waliin ta’uun hojii tajaajila lammummaa baranaatiin dubartoota ulfaa kuma 36 adda baasuun kunuunsaafi deggarsa adda addaa akka argatan taasisuuf kan hojjetu ta’uu himanii, waliigalatti hojii tajaajila lammummaa barana hojjetamuun hawaasa miliyoona 12.3 hirmaachisuun lammiilee miliyoona 4.8 fayyadamaa taasisuuf hojiitti galameera. Hojiileen tajaajila lammummaa baranaatiin raawwachuuf karoorfaman qarshii biliyoona 49.6 ta’utti kan tilmaamamu ta’uus eeraniiru.

Hojiilee kenna tajaajila gannaafi bona dhufu keessa hojjechuuf karoorfaman milkiin xumuruuf dhaabbileen mootummaafi mit mootummaa, abbootiin qabeenya, dhaabbileen hawaasaa, qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonniif ummanni naannoo Oromiyaa deggarsa barbaachisu taasisuun tumsaafi deggarsa lammummaa taasisaa turan cimsanii akka ittifufaniif gaafataniiru.

Kantiibaan Magaalaa Adaamaa Obbo Hayiluu Jaldee akka jedhanitti, hojiin tajaajila lammummaa ganna baranaafi bara ittaanu hojjetamu kun sagantaalee guguddoo sadii of keessaa qaba. Sagantaalee kanneen keessaa lama hojii tajaajila lammummaatiin kan hojjetaman yoo ta’u, inni biraan hojii waliigalaa humnoota misoomaa lammaan (hirmaannaa mootummaafi ummataatiin) kan hojjetamu ta’a.

Hojiin tajaajila lammummaa baranaa magaalattiitti ijaarsa mana harkaqaal’eeyyii, giddugala oolmaafi tursiisa daa’immaniif gamoo abbaa darbii lamaa namoota 36f bakka tokkotti tajaajila kennu jalqabsiisuun ifatti gara hojiitti seenamuu himaniiru.

Hojiin misooma qarqara daandiifi qulqullina naannawaas hojii xiyyeeffannaa addaatiin irratti hojjetan ta’uu himanii, hojiileen misoomaa hojjetaman rakkoolee ummataa haala furuu danda’anirratti xiyyeeffachuun kan hojjetaman ta’u jedhan. Magaalaa qulqulluu hawaasni keenya bakka hundatti tajaajila irraa argatu ijaaruun yaadama Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad barana maddisiisaniifi hojiirra oolaa jiru ta’uus eeraniiru.

Haaluma kanaan daandii kiilomeetira shan ta’u ijaaruuf diizaayiniisaa hojjetamee xumurameera. Adaamaan giddugala industiriif konfiransiiti waan taateef manneen fincaanii waliinii hawaasaa daandiwwan guguddaarratti bakkawwan gara garaatti ijaaruuf dizaayinii akka biyyaatti kaa’ame bu’uura godhachuun hojii ijaarsaa akka jalqabsiisan himaniiru.

Magaalaa Adaamaatti, hojii tajaajila lammummaa baroota darbanitiin hojiilee hedduu raawwatamuu himanii, hojii tajaajila lammummaa bara darbeetiin manneen harka qalleeyyii haaraan kuma tokkoofi 173 kan ijaaraman yoo ta’u, manneen harka qalleeyyii kuma lamaafi 89 ammoo suphamaniiru. Akka waliigalaatti manneen harka qalleeyyii kuma sadiifi 262 haaraan ijaaramaniiru; kaan ammoo suphamaniiru. Hojiin ijaarsa daandii bal’aan hirmaannaa ummataatiin hojjetameera.

AADAIFI AARTII

Irreecha Tulluu

Sabni Oromoo ummoota Afrikaa gara kaaba bahaatti argaman keessa isa tokko. Sabni kun saba aadaafi amantii ofiisaa qabatee baroota dheeraaf jiraachaa tureedha. Oromoon ummata Waaqa tokkotti amanu malee waantota namaan hojjataman kan akka siidaa akkasumas wantoota uumamaa kanneen akka mukkeen, lageen, gaarrewwan, beelladootafi bineensotatti hinsagadu.

Oromoon uumama ni dinqisiifata malee bakka Waaqayyoo buusuun itti hinamanu. Oromoon hojiifi humna Waaqa arguun dinqisiifata.

Irreechi calaqqee aadaa Oromoo yoo ta'u, jaarmiyaalee Sirna Gadaa ijaare keessaa isa tokko. Ayyaanni irreechaa Oromoon falaasamaafi ilaalcha addunyaa keessatti jiruufi humna Waaqaa akkasumas raajiisaa, dhalootaafi icciti jireenyaatiin walittifiduun kan ibsuudha.

Sanyiin namaa midhaanii horee kan baay'atu, kan faca'e du'aa ka'ee ija kan godhatu, tumsaafi gargaarsa humna Waaqaan qofa jedhee amana Oromoon. Kanaaf ammoo Tulluutti bahee kadhata, galateeffata.

Ummatoota qonnaan jiraatan durii kan Sulula Abbayyaa yoo fudhanne "Osiris" kan jedhamu Waaqa ykn Ayyaana sanyiitti lubbuu horu jedhamuun kan beekamu aadaa Waaqeeffannaa qabu ture.

Achii dhufteen Irreechaa isa kana waliin walfakkii qaba. Oromoon Waaqa tokko qofatti amana. Aadaan irreeffannaafi "Osiris" durii kun qaroomina Kuushoota naannawa Sulula Abbayyaa /Nile Valley Cushitic Civilization ta'uuis ni mala yaadi jedhutu jira.

Oromoon Waaqa kan amanu gochaasaa kanneen akka jijjiirama waqtiilee, rooba, aduu, dukkana, ifa, guddina midhaanii, bishaan, tulluu, mukeeniifi lubbuqabeeyyii ilaaleeti. Irreechi sirna kaadhannaafi galateeffannaa Waaqaaf godhamuudha. Kadhaafi galanni kun iddoofi yeroon kan murtaa'eedha.

Tulluutti bahanii kadhachuun kan amantii Waaqeeffannaa Kuushota durduriin walfakkaata. Irreechi iddoowwan adda addaatti yoo gaggeeffamellee inni guddaan bakkawwan lamatti raawwatama, isaanis Irreecha Malkaa (birraa)fi Irreecha Tulluu (arfaasaa) ti. Irreechi Tulluu/Arfaasaa hangafa irreechaati. Yeroo baay'ee gosti irreechaa lama jedhama garuu, lama qofa miti. Irreechi gosa shan qaba kan jedhanis jiru. Isaanis: Irreecha Tulluu, Malkaa, Irreecha galmaa, Irreecha dirree/abdaariifi Irreecha manaa jedhamanii beekamu.

Oromoon ummata aadaafi waaqeeffannaa mataasaa qabu ture. Garuu, xumura jaarraa 19ffaa booda weerartoota Abisiiniyaa jalatti kufusaatiin aadaa, duudhaa, sirni kadhannaafi galateeffannaa kan akka irreechaa irraa dhorkame. Bakkoonni ulfoon kanneen akka tulluu, malkaa, dirreefi abdaariin itti bahee Waaqa kadhatuufi galateeffatu dhiibbaa gita bittootaan waggaa 150 oliif jalaa cufamee ture.

Bakka ulfoo Oromoo irratti bataskaana, masaraa mootummaafi, mooraa waraanaa ijaaran. Hora Oromoon namaafi horiif itti dhimma bahu *xabala* jedhanii qabatan. Maqaa lafaa gara ofii barbaadanitti jijjiiran. Kanaaf fakkeenya gaariin Tulluu Cuqqaalaa kan isaan *Ziqwaalaa* jedhanii maqaa Kiristinnaa moggaasan ilaalun gahaadha.



Waan Oromoon walqabatu *baa'id amilkoo* jedhan. Ummanni Oromoo baroota dheeraaf kadhaa Waaqaafi galateeffannaa kan gaggeeffachaa ture tulluu, malkaa, dirreefi muka jalatti malee akka warra kaanii siidaa ijaaree itti sagadaa hinturre. Gaafa gara tulluufi malkaa deemu tulluu sanaafi malkaa sanaaf sagaduuf osoo hintaane bakka galataafi aarsaa Waaqaaf itti dhiyeessuudha.

Hordoftoonni amantiilee Kiristaanaafi amantii Islaamaa mana ijaaranii barreehanii keessatti sagadu. Oromoon garuu kan Waaqni bareechee uumeratti Waaqasaatiif galata galcha. Kun ammoo dur bara amantii Oriit keessattis raawachaa ture. Akka amantoota biroo waan harka namaan tolfame harkatti qabatanii Waaqaaf kan galata galchu osoo hintaane, uumamaan uumaa galateeffata. Irreechi Oromoon tulluu irratti irreeffatus aadaa Oromoo ganamaa keessaa kan guddaadha.

Seenduubee jalqabbii Irreechaa

Akkaataa jalqabbiifi seenaa Irreechaarratti yaadota garaagaraatu jira. Irreechi gaafa akkasii, bakka akkasii yookaan nama akkasiin jalqabame jechuun nama dhiba. Afoola hawaasaa seenaa irreechaan walqabatanii jiran akka asii gadiitti ilaalla. Afoolli jalqabaa ilaallu, "bara durii hongee hamaatu ture, namaafi horiin waan nyaatan, waan dhugan dhabanii badii guddaatu qaqqabe.

Tulluutti bahanii Waaqayyoon kadhatan, roobnis ni roobe, margi ni biqile yeroo kana dhalli namaa gammadee waan ta'u dhabe. Waaqa kana nuu godheef maal goona silaa Waaqa ijaan arguu hindandeenyu maal wayya jedhanii walgaafatan. Beekaan tokko isaan keessaa "akkana goonaa" jeedhe "akkam goonaa?" jedhan.

"Silaa Waaqa ijaan arginee waa kennuufi hindandeenyu waanuma inni nuuf kenne kana irraa mataa isaa isaa laannaa jedhanii walii galan. Maal laannaanis gaaffii ture. Waanuma inni nuu kenne deebisnee kenninaaf jedhanii walii galan. Haaluma kanaan, marga, abaaboo, mukaa labbeessa qabannee kadhaafi galateeffanna jedhanii walii galan jedhama.

Hiikaafi adeemsa Irreecha Tulluu

Akkuma maqaarraa hubachuun danda'amu Irreechi Tulluu kan gaggeeffamu Tullurratti yoo ta'u, wayitiin itti gaggeeffamu ammoo waktiin Bonaa xumuramee walakkeessa waktiin arfaasaa jechunis ji'a Bitootessaafi Ebilaa keessa. Yeroon kun yeroo roobin Arfaasaa itti eegamuudha. Baatillee Bonaa keessa roobni dhabamee hongeen namaafi loon yeroo itti miidhaa tureedha. Waan kana ta'eef jiddugala batii Bitootessarratti maatiin marti gara lafa qabbanaafi jiidha qabutti bahee Waaqni akka roobuuf kadhata.

Irreesi Tulluu waqtii arfaasaan fuula as deebifatu kan irreeffatamu ta'ee qabiyeensaa Waaqa kadhachuudha. Bona guutuu sa'aa namni Waaqaa lafti aduudhaan gubachaa ba'ee waqtiin arfaasaa wayita as deebi'u roobni nagaan yeroodhaan akka roobuuf Oromoon Tulluutti ba'ee Waaqasaa kadhata. Tulluutti bahanii kadhachuun kun aadaafi falaasama ummata Kuushootaa durdurin kan walqabateedha jedhama.

Irreechi Tulluu kadhaafi hawwii of keessaa qaba. Yeroo fuula keenya dura jiru kan nagaa, kan fayyaa, kan misoomaa, kan badhaadhinnaa, kan itti namaafi horiin horu, kan tasgabbi, kan haqa itti argannu, kan furmaata itti argannu nuuf haa ta'u jedhee kadhata.

Gaafa irreeffannaaf Tulluu bahan, waan Waaqayyoo kenneef irraa ni dhibaafatu, qalanii hariiratu kan nuu laateef galatoomi daddabalii nuuf kenni jedhu. Guyyaa irreeffannaa tulluu kadhaa Waaqaa, sirni dhibayyuu, muuda, hariirata, eebbafi araaratu raawwata.

Tulluun uumaa raajii of keessaa qabuudha. Waaqa tulluu lafaa ol godhee uume rooba akka isaaf kennuuf kadhata Oromoon. Tulluutti yoo olba'an Waaqatti waan dhiyaataniif Waaqni dafee nama dhagaha jedhee dhugeeffata Oromoon. Tulluun karaa dhufaatii roobaati. Bokkaan tulluurraan duumessaa'ee dhufa.

Oromoon tulluu, bosona, malkaafi burqaa nijaallataa ni kabaja. Itti irreeffata. Maaliif yoo jenne tulluufi bosonni mana, kafanaafi nyaata namaafi uumama birooti. Waaqa tulluu, malkaafi burqaa isaaf kennee daraaraa, marga qara, coqorsa, korma, dullacha, midhaaniifi bishaan qabatee bahee galateeffata.

Waan qabatee bahu sana tulluun ykn Waaqni ninyaata jedhee itti hinamanu. Garuu Waaqa nu uumetti amanna, uumamaan Waaqa kadhanna jedha. Dhiibbaa amantii warra Seemirraa kan ka'ee namni Oromoo tulluu ofii kan naannoo isaaniitti argamuu dhiisanii kan biyyoota Arabaafi Israel faarfatu. Fakkeenyaaf, warri Musliimaa Tulluu Jabal Makkaa, Jabal Arafaat tulluu qulqulluu jedhu. Warri Kiristaanaa tulluwwan Oromoo biratti ulfoo ta'an kanneen akka Tulluu Walal, Cuqqaalaa, Furi, Boosatiifaa akkuma laayyooti ilaalani tulluu Musee, Galiilaa, Golgotaa hawwu.

Tulluun lafa guddaa dirreerra ol ka'ee mul'atuufi gaara caaluudha. Bantii ykn fiixeesaarratti bosona qabaachuus dhabuus mala. Olka'iinsarra waan jiruuf daran kan qorrufi cabbiin huwwisamuu mala. Aadaa sirna Gadaa keessatti Tulluun akkuma Malkaa, seeraafi heera mataasaa qaba.

Oromoon gaafa seerota tumu bakkawwan lamatti qooda. Isaanis: seera ulfoofi akka

seer jedhamu. Ulfoo kan jedhaman seerota hinjijjiiranne jechuudha. Akka seer jechuun ammoo warra seerota namni fooyyessu jedhamaniidha. Akkaataa kanaan seeronni ulfoon Oromoo lakkoofsaan ja'a, isaanis:

1. Waaqni ulfoodha
2. Lafti ulfoodha
3. Malkaan ulfoodha
4. Tulluun ulfoodha
5. Abbaan ulfoodha
6. Haati ulfoodha

Isaan keessaa xiyyeeffanoon barruu kanaa irreecha Tulluu waan ta'eef isarratti xiyyeeffanna.

Irreechi Tulluu maqaa irreecha Arfaasaa jedhamuunis ni beekama. Maqaa irreecha Tulluu jedhu kan argates kan gaggeeffamu tulluurratti waan ta'eefi. Yeroon itti irreechi tulluu gaggeeffamu waktiin Bonaa darbee walakkeessa waktiin Arfaasaa keessa.

Irreechi tulluu kun kan irreeffatamu giddugala Bitootessaa hanga walakkeessa Eblaatti. Guyyaa inni ittigaggaaffamu kan murteessu ayyaantuudha. Yeroo itti gaggeefamu irraa maqaa irreecha Arfaasaa jedhu yoo fudhatu, bakka ittigaggeefamurraa ammoo maqaa irreecha tulluu jedhamu argate.

Angafa Irreechaati kan jedhameef sababa qaba. Innis kadhaa tulluutu rooba fida, roobni ammoo midhaan namaaf, marga horiif biqilcha birraa waan bilchaateefi gaheef galateeffatu. Kan tulluu irreecha miti muudadha namoonni jedhanis jiru. Tulluu Saddettan Waaqaa kan jedhaman irraa Siidatu jira jedhu odeeffattoonni. Siidaan sammu gaarreen sana irra jiran gaaruma sana fakkaatu. Siidaan Tulluu Cuqqaalaa irra jiru amma caccabeera garuu kan Furi jira.

Wayita Irreecha Arfaasaa ummanni Oromoo tulluutti ba'uun korma qalee, "Yaa waaq Bona kana nu baasi rooba nagaa nuu roobi, Arfaasaa rooba nagaa, Ganna omisha nagaafi ga'aa nuu kenni" jedhee kadhata. Bona guutuu sa'aa namni, waaqaa lafti aduudhaan gubachaa ba'ee waqtiin Arfaasaa wayita as deebi'u roobni nagaan yeroodhaan akka roobuuf Oromoon Tulluutti ba'ee Waaqasaa kadhata.

Tulluun uuma raajii of keessaa qabuudha. Waaqni tulluu kana lafaa ol godhee uume rooba akka kennuufiif kadhata Oromoon. Tulluutti yoo olba'u Waaqatti waan dhiyaataniif Waaqni dafee nama dhagaha jedhamee amanama.

Ganna fuula keenya dura jiru kan nagayaa nuuf godhi, rooba nagayaa nuu roobi, balaa lolaa nurraa qabi, kan biqile daraaree firii akka godhatu si kadhanna jechuun irreeffata. Tulluun karaa dhufaatii roobaati. Bokkaan tulluurraan duumessaa'ee dhufa. Kanaaf Oromoon Tulluutti ba'ee yaa Waaq lafti babbaaqxee, dheebotee si eegaa jirti, allaatiin qoloo keessaa, qurxummiin bishaan keessaallee afaan bantee si eegaa jirti rooba nagaa nuu roobi jedhee kadhata, ni irreeffata.

Kaadhimamaa Doktaraa Girmaa Namarraa, Inistiitiyuutii Qo'annoofi Qorannoo Oromootti, Qorataa Seenaafi Dursaa Garee Qorannoo Seena

Tulluun maaliif filatame?

Ittifufa

Qarreefi Qeerroo

“Gara fuulduraatti kalaqaalee Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti waamsisan hojjechuun barbaada”

- Barataa Barakat Ballaxaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Agarsiifni kalaqa saayinsii marsaa 9ffaa waliigala Magaalaa qindeessummaa Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinneetiin qophaa'e mataduree "Qulqullina Barnootaa Mirkanaa'a Badhaadhina Biyyaaf" jedhuun Caamsaa 16-18 bara 2016tti Paarkii Michoommaatti adeemsifameera. Agarsiisicharratti kalaqaaleen saayinsii barsiisotaafi barnootaan hojjetaman dhiyaataniiru.

Barataa Barakat Ballaxaa Magaalaa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Boolee, Mana Barnootaa Sadarkaa 1ffaafi 2ffaa Kaatolikii 'Gedame Setawiyani Mariyam Tsion'tti barataa kutaa 12ffaati. Barataan kun kalaqaalee saayinsii adda addaa qabatee kan dhiyaate yoo ta'u, isaan keessaa tokko maashinii rookeetii dhukaasu 'Hypersonic rocket' jedhamuudha. Maashiniin kun meeshaa waraanaa jiranirraa haala adda ta'ee kan hojjetame riimootiidhaan kan hojjetuufi siistama raadaariidhaan ala isa taasisu qaba ta'uu dubbata.

Maashinicha magaalaa tokko taa'anii magaalaa biraatti to'achuun haala danda'amuun kan hojjetame ta'uufi utuu gamoowwan, hidhawwaniifi wantoota biroo hintuqiin waan balleessuu ykn rukutuun barbaadame qofa ilaammatee akka rukututti kan hojjetame ta'uu dubbata.

Maashinicha wantoota naannawaa jiranitti fayyadamuun kan hojjetame ta'uufi maashinichi naannawaa hanga fageenya raadiyeesii kiiloo meetira 50tti to'achuun haala danda'uun hojjetame. Maashinicha kana caalaa fooyyessanii sibiilarraa hojjechuun waraanaaf ittifayyadamuun kan danda'amu ta'uu hima.

Barana maashinii bishaan gara gaaziitti jijjiiru hojjechuudhaan hojii kalaqa saayinsiiif teknolojiitiin tokkoffaa ba'uu kan himu Barakat, maashinichi galaanarra taa'ee rokeetii haala dhukaasuu danda'uun hojjetame. Maashinichi faalama qilleensaa kan hinqaqqabsiifne ta'uufi meeshaa biyyoonni addunyaa doolaara biiliyoonaan lakkaa'amu itti dhangalaasani hojjetan qarshii kumaa dhibbaan ykn miliyoonaan lakkaa'amuun hojjechuuf 'pirogiraamiisaa' hojjetee gadilakkisuu yaalii taasisuu dubbata.

Agarsiisni akkasii qophaa'uun barattoonni dandeettii waa kalaquusaanii akka baasan, walirraa baratanii muuxannoo waljijjiiran taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba kan jedhu barataan kun, yoo waa beekuufi hojjechuun barbaanne cimnee dubbisuu qabna.

Biyyoonni addunyaa wantoota guguddoo kalaqan nurraa uumama adda ta'anii utuu hintaane, waan nu caalaa dubbisaniif, qayyabataniif, qorataniif dinagdeen nu caalaniif qofa. Nutis yoo dubbisne, qayyabanneefi waa beekuuf kaka'umsa qabaanne waantota hedduu kalaquu dandeenya.

Agarsiisni akkasii qophaa'uun kalaqawwan hedduun dhokatanii jiran ifatti ba'anii hawaasa biyyattiis ta'e addunyaa akka tajaajilan waan taasisuuf gara fuulduraattis cimnee ittifufuu qaba jedha.



Barataa Barakat Ballaxaa



Barsiisaa Zawuduu Zannabaa

Gara fuulduraatti damee barnoota 'Astrophysics' barachuu akka barbaadu kan himu barataan kun, damee barnootaa kanaan kalaqaalee Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti waamsisan hojjechuun akka fedhu dubbata. Karoorasaa kana milkeeffachuuf yeroosaa guutuu baroota, waa dubbisuufi kalaquurratti dabarsaa jiraachuufi qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa ji'a tokko booda kennamu qabxii olaanaa galmeessisee darbuufis yeroosaatti sirnaan fayyadamuun qayyabachaa jiraachuu eera.

Waan yaadneefi karoorfanne hojii qabatamaan agarsiisuufi itti milkaa'uu kan dandeenyu yoo jabaannee baranneefi dubbisnee qofa kan jedhu barataan kun, hanqinni maallaqaafi meeshaalee gara garaafi bakki hojii waan yaada keessatti kalaqne qabatamaan lafarratti akka gad hinbuufne kan isa taasisaa jiran ta'uufi kalaqaaleen saayinsii biyyattiis akka hinguddanne taasisan keessaa isaan ijoo ta'uu dubbata.

Barakat barataa cimaa sadarkaa keessa ba'uu ta'uu himnee, utuu sirriitti ittifayyadamnee sa'atiin 24:00 guyyaa tokko keessa jiruyyuu yeroo bal'aadha jedhan. Oggaa qormaati ga'u yeroo hinqabu jedhani dhiphachuurra utuu yeroo qabanii sirriitti dubbisuufi qayyabachuun barbaachisaa ta'uu nigorsa.

Utuu yeroo qabnu sirriitti fayyadamnee waantota hundaaf yeroo gahaa qabaanna. Gaaffii qormaataa tokko daqiiqaa tokko keessatti deebisuu ni dandeenya. Gaaffii sana sirriitti deebisuuf garuu dursinee yeroo keenya aarsaa goonee dubbisuufi qayyabachuu qabna. Qayyabannaan yeroo dheeraa taa'anii dubbisuu qofa utuu hintaane tooftaan qayyabachuun barbaachisaa jechuunis ibsa.

Barnootaafi hojiilee kalaqaatiin sadarkaa kanarra ga'uu kootiif barsiisotaafi manni barumsaa koo gumaacha olaanaa naaf taasisaniiru kan jedhu Barataa Barakat, hojiin barsiisaa daandii agarsiisuudha. Waan barsiisaan barsiise bal'isee dubbisuufi qayyabachuun ammoo hojii barataati. Kanaafuu barattoonni utuu barnootasaanii sirnaan hordofuufi yeroosaanii hingubiin qayyabachuu akka qaban gorsa.

Mana Barumsaa Kaatolikii Sadarkaa 1ffaafi 2ffaa Kaatolikii Gadaami Setawiyani Maariyaam Tsiyonitti barsiisaan Keemistirii Zawuduu Zannabaa akka jedhanitti, "Barakat barnootasaatiinis ta'e

hojiilee kalaqaa hojjetuun barataa addaati. Barakat barataa naamusa gaarii qabuufi gara fuulduraatti bakka guddaa ga'a jennee abdannuudha. Barakatiin waggaa sadiif barsiiseera. Barataa kana itti dhiyeenyaan beeka. Barataa waan barate qabatamaan hojiin agarsiisee mul'isuudha. Hojiilee kalaqaa hedduu hojjeteenis yeroo gara garaa badhaasaafi beekamtii argateera".

Barakat barataa cimaa dandeettii kalaqaa addaa qabuudha. Barataan kun waan barate battalumatti qabatamaan hojiitti jijjiiree agarsiisa. Hojiilee kalaqaasaa barsiisaasaa waliin mari'achuun hojjetta. Barsiisonnis ta'e manni barumsichaa hanga danda'an meeshaalee kalaqaaf isa barbaachisan guutaafii jiru. Kana jechuun wantoonni kalaqaaf isa barbaachisan hundi guutamaniiruuf jechuu miti jechuun eeraniiru.

Yeroon Barakat waliin laabaraatoorii keessa hojjechaa oollee bullu jira kan jedhan barsiisaan kun, barnootarrattis hanga danda'an gargaara jiraachuufi hawwiinsaani guddaan barataan kun bakka olaanaa gahee arguu akka ta'e himu.

Manni barumsaasani qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa baranaatiin qabxii olaanaa galmeessisuuf karoorfatee hojjechaa jiraachuu himanii, Barakat barattoota qabxii olaanaa galmeessisu jedhamanii eegaman keessaa isa tokko ta'uus eeraniiru.

Hogganaa Biiroo Barnoota Magaalaa Finfinnee Doktor Zalaalam Mulaatuu haasaa baniinsa agarsiisicharratti taasisaniin akka jedhanitti, agarsiifni kalaqa saayinsii waggaa waggaa adeemsifamu kun barsiisonniifi barattoonni magaalattii beekumsa horatan hojiin akka mul'isan taasisaa jira. Dhaloota barnootaan qaruun biyya guddisuufi jijjiiruu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uus himaniiru.

Agarsiisichi barsiisonniifi barattoonni kalaqa saayinsii haaraa akka hojjetaniif bu'uura cimaa kan kaa'u ta'uu himanii, akkasumas muuxannoo akkanaa walirraa qooddachuun hojii kalaqa saayinsii eegalan cimsanii akka ittifufaniif kan gargaaru ta'uu eeraniiru.

Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebbe akka jedhanitti, agarsiifni kalaqa saayinsii barsiisotaafi barattoota dhiyaate bu'aa hojiilee barnootaa magaalattii kan agarsiisaniidha. Barsiisonniifi barattoonni waan barsiisaniifi baratan hojiin akka mul'isan taasisuun qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Akka ibsasaaniitti, biyyattiin namoota dubbatan, barsiisaniifi hubachiisan hedduu qabdi. Dubbachuufi barsiisuu qofa utuu hintaane waan dubbannuufi barsiifnu hojiin mul'isuu qabna. Itoophiyaan ammayyuu hojiilee kalaqaa rakkoolee furaniifi tajaajila si'ataa kennan hedduu barbaaddi.

Agarsiisni kalaqa saayinsii barsiisotaafi barattoota magaalattiin dhiyaate kun barattoota biyyattii hundaaf fakkeenya gaarii ta'uu himanii, hojiin abdi namatti horu kun kalaqaalee haaraan akka hojjetamaniifis balbala kan banu ta'uu eeru.



**Barsiisonniifi
barattoonni waan
barsiisaniifi baratan
hojiin akka mul'isan
taasisuun qulqullina
barnootaa
mirkaneessuu
keessatti gahee
olaanaa qaba**

Abbaa Sa'aa

Gurmiin nageenyaa galaana Diimaatiif hundaa'u kamuu osoo Itoophiyaa hinhirmaachifne bu'aa tokkollee hinfidu

Bayyanaa Ibraahimiin

Biyootni akka Masriifi Sa'ud Arabiyaa waggoota shan dura gormuu 'Gamtaa walta'iinsa biyyoota Galaana Diimaa' jedhamu tokko hundeeffatanii dhimmi nageenyaafi fayyadamummaa galaanichaas kan isaan qofa ilaallatu fakkeeffatan.

Isaaniin ala biyyootni jaha kanneen akka Eertiraa, Sudaan, Somaaliyaa, Jibuutii, Yordaanosiifi Yaman dabalatanii irreessaanii jabeeffatan.

Haata'u malee shiraafi dabni gamtichaa osoo oolee hinbuliin biyyootuma miseensa ta'an kunniin gamaa gamasitti wal ilaalaniin walshakkii keessa galanii balaa isaanitti bu'e wallaalan.

Akkuma beekamu naannoon galaana Diimaa kun qaama galaana daldalli guddaan itti adeemsifamu waan ta'eef muddamni sochii geejibaa itti mudatu ta'ee hawwattumma galaana miidhagaafi hawwataadha.

Galaanni Diimaan Afrikaafi Eeshiyaa kan adda qoodu yemmuu ta'u, Eeshiyaa, gidduuga bahaafi Awurooppaatti nama baasa. Biyya Jibuutii hanga barruu harkaa geessu keessaa lafa muraasarratti eenyufaatu qubatee kan jedhu ilaaluu qofti ni gaha.

Fiigicha naannawa kanatti irree jabaa qabaachuuf taasifamu kan ifatti agarsiisuu dandeessu Jibuutiidha. Biyya xiqqoo tana keessaa Faransaay, Ameerikaa, Chaayinaafi Jaappaan buufata qabu. Hindiifi Raashiyaanis sochii eegalaniiru.

Biyyootni fagoo jiran dooniiwwan daldalaasaanii ulaa kana keessa darbuunsaa waan hinoolleef nageenyi naannawichaa isaan yaachisuunis waan hinoolle. Ulaa Galaana Diimaa Baabeel Maandabirratti yoo rakkoon wayii dhalate isaan tuquunsaas hinoolu.

Fedhii biyyoota guguddoo fagoo kana hubachuun biyyootni naannawichaa ijaaramuu kan eegalan bara 2018tti ture. Gamtaan kun bara 2020tti biyyoota saddeet of keessatti qabatee yaa'ii ta'ee ifatti hundeeffame.

Damee qorannoo Afrikaafi Oreentaal keessatti kan hirmaatan Obbo Ni'aamiin Ashannaafi gamtichi fedha jabaa Masriifi Sa'ud Arabiyaan malee miseensota warra hafan jahaan kan hundaa'e akka hintaane ibsu.

Kanaaf sababni dhiyeessan ammoo haala qabatamaa biyyoota miseensa ta'an birootti. "Masrii malee biyyootni kaan kan ofiin dhaabachuu danda'an miti. Shoorra hamaamota Sa'ud ta'uu qabu" jedhan.

Gamtichatti biyyootni ijoon sadii kan hinhammatamne yemmuu ta'u, isaanis; Itoophiyaa, Israa'eeliifi Emireetota Arabaati.



Biyyoota miseensa ta'an keessaa afur miseensota 'IGAD' ta'anii osoo jirani jirani Itoophiyaa keessaa hambisuunis adeemsichi shira hamaa qabaachuusaatiif ragaa guddaa ta'uu Daarikterri Olaanaan Inistitiyuutii Qorannoo Dhimma Alaa Obbo Jaafar Badruu ni dubbatu.

Kana booda gamtaan dhimma galaana Diimaa irratti ijaaramu kamuu mariin nageenya galaanichaa mirkaneessuuf adeemsifamu hirmaannaa Itoophiyaatiin ala bu'aa fiduu kan hindandeenye ta'uu kan himan Obbo Jaafar, hiikkaan galaanni Diimaan dinagdee Itoophiyaa keessatti qabuufi miira lammaileen biyyattii galaanichaaf qaban qaamotni hinhubanne ammallee shiraan galaanicharraa ishii dhiibaa jiraachuu ibsu.

Akka ibsasaaniitti; tanaan dura seenaa waggoota 30 Itoophiyaan galaana Diimaa irraa moggatti dhiibamte keessatti waliigalteefi gamtaan dhimma galaanicharratti hundaa'aa ture hundi

fedhii biyyoota lamaa qofarratti kan xiyyeeffatan turan.

Dogoggora siyaasaatiin waggoota 30f galaana Diimaarraa moggatti dhiibamtu garuu waggoota muraasa kanneen keessatti gaaffii Itoophiyaan kaasaa jirtu milkeessuuf kan gargaaru sagantaan Marii Galaana Diimaa bara darbe kan jalqabame yemmuu ta'u, kunis biyyoota dhimma galaana diimaarratti gahee qaban hunda walitti fiduudhaan haala faayidaa waliiniifi nageenya galaanicharratti kan mari'atuudha.

Baranas marsaa lammataatiif marii nageenya galaana Diimaarratti xiyyeeffate tibbana Finfinnetti adeemsifameen Imireetota Arabaati hanga, Somaalii Laanditti, Israa'elii hanga Jibuutiitti biyyootni qarqara galaana Diimaa argaman baay'een sagantaa kanarratti hirmaataniiru.

Gamtaa kanaan dura dhimma galaana Diimaarratti Sa'udiifi Masirfaan hondeessan kan haqa biyyoota ollaa galaanichaa waakkate qofa osoo hintaane, fedhiisaanii malee kan biyyoota biraatiifis iddoo kan hinkenne ofittummaan kan keessatti calaqqiseedha.

Sababa hundeeffama gamtichaa yeroo gaafannuu biyyoota miseensa ta'aniifi fedha naannawichaa hubachuun gaarii ta'uu kan kaasan immoo Daabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Ambaasaaddara Sumaaliyaa kan turan Badal Mohaammadi. Isaanis morkii Sa'ud Arabiyaafi Emireetota Arabaa gidduu jiru ilaaluun barbaachisa ta'uu kaasu.

Akka yaadasaaniitti; biyyootni Galfaa Kuwatariin yeroo qollifatan Masri, Sa'udiifi Emiroototni Arabaa dallanani qoqqobbii dhiibbaa dinagdee irra kaahan. Haa ta'uu malee michoomaafi tokkummaa kana garuu itti fufsiisuu hindandeenye.

Osoo biyya naannawichatti humna guddaa qabdu, Yunaayitiid Arab Emireetis keessa hingalchiin gamtaan ijaaramuun daantaa biraa qaba. Kanaafi, maniin waltajjichaa akka hundeesitootni jedhan walta'iinsa daldalaati jedhanii fudhachuun kan nama rakkisuudha.

"Walta'iinsarra dorgommiitu natti mul'ata," kan jedhan xiinxalaan naannawichaa,

Sa'udiifi Imireetis ammoo caalaa to'achuuf waan fiigicharra jiraniifi hirmaannaafi qooda biyyoota ollaa warraa kaanii cirumaayyuu waan dagatan fakkaatu.

Waltajjii waliigalte daldalaati kan jedhan fakkeessuufi, (face value). Dhugaan jiru garuu dhimmichi waliigaltee osoo hintaane dorgommiidha. Dorgommichis kan biyyoota maallaqa boba'aa qaban lamaaniiti.

Gama haqummaafi hirmaachisummaasaatiin jalqabumarraa cimina waltajjiifi iftoomina kaayyoorratti gaaffii guddaan ka'aa turus, irree maallaqa boba'aatiin ijaarame abdatanii kophaasaanii gulufuurraa yoo hinsirranne garuu Itoophiyaa dabalatee biyyootni moggaa dhiibaman kaanis gaaffii haqaa qabaniin isaan dura dhaabachuun waan hinoolleedha.

Fakeenyaaf, ogeessoni Israa'eel keessa hinjirtu jedhan. Israa'eel qaama Galaana Diimaa taatee, Itoophiyaan naannawichatti dhiibbaa kan uumtu taatee biyyoonni lamaanuu haalli ittittuffatanii bira darban kun daran ulfaataa waan ta'eef bubbulee dhohuunsaa hinhafu.

Gamtichi saffisaan akka sirratu yoo hintaane bubbulee carraa gara gamtaa ykn waadaa waraanaatti guddachuuf qabaachuu akka malus warreen shakkan hindhabamne. Haa ta'uu malee baay'ina biyyoota miseensichaafi ummataasaanii yemmuu ilaalan garuu, dhimmichi fagoo ittita'a.

Sudaan rakkoorra jirti. Ertiraan immoo erga biyyoota guguddoo addunyaatiin walqoolifatee dugda walitti galtee bubbulteerti. Somaaliyaafi Yaman jijjiirama barbachaaf mootummootasaanii aangoorraa kuffisanis biyyasaanii kufaatii jalaa baraaruu dadhabanii hanga ammaatti jeequmsa keessootiin raafamaa jiru.

Kanneen hafan Yordaanosiifi Masriidha. Waliin cimuu hafee kan walii isaaniituufuu haloo walbahachuuf haala mijataa itti walii eeggataniidha.

Kanaafuu, waliigalteefi gamtaan isaan shiraan hundeeffatanii biyyoota haqa hirmaattummaafi fayyadamummaa osoo qabanuu irraa dhiibban miidhuun hafee haala kanaan ofiisaaniitiifuu fayyadamoo ta'uu hindanda'an. Sababnisaa osoo biyyoota guguddoo qarqara galaana Diimaatti argaman kanneen akka Itoophiyaa hinhirmaachifne nageenyi isaan eegisanis ta'ee faayidaa milkaa'an isaan argachuu danda'an waan hin yaadamneefi.

Walumaagalatti; kana booda inisheetiviin dhimma galaana Diimaarratti uumamuu danda'u kamuu bifa haqaqabeessa ta'een biyyoota ollaa hunda hammachuun dirqama. Keessattuu biyya galaanichaa waliin hariiroo waggoota dheeraa qabduufi baay'ina ummataatiin biyyoota qarqara galaanichaatti argaman keessaa sadarkaa duraarratti argamtu Itoophiyaa lagachuudhaan nageenyi galaana Diimaarratti mirkanaa'uu hinjiru.

ODUU

Oromiyaatti barana sanyiin biqiltuu bunaa biliyoona 2.5 dhaabbiif qophaa'e

Taamiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti barana sanyiin biqiltuu bunaa biliyoona 2.5 dhaabbiif qophaa'uu biiroon qonna naannichaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Mahammadsaanii Amiin ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, naannichatti hojiin omisha bunaa lafa haaraarratti babal'isuufi qulqullinaan omishuu xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Buna baay'inaan omishuun galii bunarraa argamu dabaluu naannichatti bara omishaa kana lafa haaraa hektaara kuma 380 irratti sanyii filatamaan buna biliyoona 2.5 dhaabuuf karoofamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Biqiltuu bunaa dhaabuuf karoofame keessaayis lafti biqiltuun kun irra dhaabamu adda baafamee hanga ammaatti qonna arfaasaatiin biqiltuun miliyoona 300 dhaabamuu himanii, boolli biqiltuu biliyoona 2.3 ta'us qophaa'eera jedhan.

Bara bajataa kana hanga ammaatti omishni bunaa kuntaalli miliyoona 10 sassaabameera kan jedhan Obbo Mahammadsaanii, buna Itoophiyaatti omishamu keessaa harki 70 naannichatti omishamaa jiraachuu beeksisiiru.

"Oromiyaatti abbootii warraa miliyoona 2.3tu omisha bunaarratti bobba'ee argama. Walumaagalatti buna daffisanii gurguruun, buna dheedhii daldaluun, dhaabbilee buna omishanitti mindeeffamanii hojjechuun namootni miliyoona 25 carraa hojii buna faana hidhata qaburratti bobba'anii argamu.

Kanaan dura qonnaan bulootni buna omishan sababa hojmaanni mijataan hinturreef, dhiibbaa kontirobaandiifi sababoota biroorraa kan ka'e omishasaaniirraa fayyadamaa hinturre kan jedhan Obbo Mahaammadsaanii, mootummaa jijjiiramaa booda qonnaan bulootni lafa hektaara lamaa ol qaban gabaa daldala bunaa biyya keessaafi alaarratti akka hirmaatan murteessuun fayyadamoo taasifamaa jiraachuu eeraniiru.

Gabaa addunyaarratti yeroo yerootti jijjiiramuun gatii bunaafi jijjiiramni haala qilleensaa biyyattiitti mul'atu hudhaalee sektarichaa keessaa kanneen ijoodha. Sababa jijjiirama haala qilleensaatiin firin bunaallee yeroo malee harca'ee omishtummaansaa iddoon itti hir'isaa jiru jiraachuu ibsaniiru.

Rakkoo sababa jijjiirama qilleensaatiin dhufu qolachuufis qorannoofi qo'annoo garaagaraa taasisuun sanyiiwwan bunaa haaraa jijjiirama qilleensaa dandamatan dhiyeessuun hojjetamaa jiraachuu himanii, sanyii buna Baalee kan qorannoo qonnaatiin yeroo dhiyoo keessa bahe akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Sanyiin bunaa kun omishtummaansaa olaanaadha kan jedhan Obbo Mahaammadsaanii kanaan dura godinni Baalee sanyii buna Jimmaatti fayyadamaa kan turaniifi sanyiin bunaa haarofti qilleensa godinichaa waliin kan walfudhatuudha jedhaniiru.

"Afrikaan tokkoomuun..."

Hariiroon Itiyoo-Kooriyaas ta'e kan Afrikaa kana booda jiru gama nageenyaan, misooma teknolojiifi qonna akkasumas misooma magaalatiin waliin dhaabachuun murteessaa ta'uu himaniiru.

Misooma inisheetivii qamadii akka biyyaatti hojjetameen wabii midhaan nyaataa mirkaneeffachuu bira dabarree alergiif oolchuun jijjiiramni Itoophiyaatti galmaa'e biyyoota Afrikaa kaaniif fakkeenya gaarii ta'uu kaasaniiru.

Gama biraanis misooma magaalaa ammaan tana eegalameenis aadaa biqiltuu dhaabu gabbisuun rakkoo jijjiiramaafi faalama qilleensaan Afrikaa qoraa ture salphisuun akka danda'ame Doktor Abiyyi dubbataniiru.

Faalama qilleensaa to'achuu dhabuun omishaafi omishtummaa keenyarratti miidhaa geessisuu danda'a. Kun akka maqamuuf ammoo duulli misooma ashaaraa magariisaafi ittifayyadamni konkolaattota elektirikiin hojjetanii gabbachuun dirqama jedhan Doktor Abiyyi.

Gama kanaan jalqabbiin akka Itoophiyaatti jiru biyyoota Afrikaa biroof fakkeenyummaan kan ka'uudha jedhanii, dabalataanis kalaqa saayinsiinis ofjaaraa deemuun qonna ammayyaa babal'isuufi magaalaa miidhagduufi hawwattuu taate akka qabaannuuf haala mijeesa jechuun ibsan.

Misooma magaalaa qonnaan cimtee hojjennaan manii qabatee kaate milkeessuun kan alaa galu biyyatti omishuun alergiin sharafa alaa argamsiisu akka babal'atu kan taasisu ta'us Ministirri Muummee Itoophiyaa himaniiru.

Afrikaan miira waliin hojjechuu gabbifannaan ajandaa 2063 daldala bilisaa waloo mirkaneessuuf qabame cimsuun misooma indastiriin, manufaakchariingiin, paarkii indastiriin of ijaaruun rakkoo hojdhaddummaafi walitti hidhamiinsa gabaa mudataa jiru maqsuun akka danda'amus yaadachiisaniiru.

Hariiroon waloo Afrikaafi Kooriyaa Kibbaa gidduu jiru kanaa ol cimuu biyyoonni

teknolojiidhaan akka ciman misoomni qonnaafi magaalotaa akka saffisu wabiin midhaan nyaataa akka mirkanaa'u, kan alaa galu biyyuma keessatti omishuun sharafa alaa akka argamsiisu nugaara jedhan.


Qormaanni Afrikaanotaa inni biraan rakkoo nageenyaan walqabata jedhanii, kana furuufis gama nageenyaatiin waliin hojjechuun murteessaa ta'uu ibsaniiru. Kanaafimmoo tokkummaan murteessaa ta'uu yaadachiisaniiru.

Afrikaa hawaas dinagdeefi siyaasaan cimte ijaaruuf ittifayyadama qabeenya uumamaa keenya ammayyeessuun makaanaayzeeshinii qonnaa babal'isuufi misooma ashaaraa magariisaafi magaalarratti hojjechuun barbaachisaa ta'uu kaasaniiru.

Sochii Itoophiyaan gama misoomaan itti jirtu jajjabeessaafi kan nama onnachiisu ta'uu akkasumas hariiroon Kooriyaa Kibbaafi Itoophiyaa kan waggoota dheeraa ta'uu Pirezidaantiin Kooriyaa Kibbaa Yuunsuuk himuun, liqaa doolaara biliyoona tokkoof waliigalteen mallattaa'eera.




Obbo Jireenyaa Abarraa



Obbo Dammuu Mirree



Aadde Xaafanii Oljirraa



Obbo Deessoo Waaqennee

Hojiin kilaastaraa...

Obbo Deessoo Waaqennee jiraataa Aanaa Gobbuu Sayyoo yoo ta'an deeggarsa mootummaan taasisiif boqqolloo kilaastaraan omishuun galii argataniin jireenyasaanii fooyyessuu cinaatti miseensonni kilaastarichaa walta'uun baankiitti qarshii qusachaa jiru. Fuuldurattis omishtummaasani caalaatti dabaluu tiraaktara qonnaa bitachuuf karoofatanii hojjechaa jiru.

Jiraattuun aanichaa Aadde Xaafanii Oljirraa akka jedhanitti, hojii kilaastaraa keessatti dhiiraafi dubartii osoo hinjedhin hunduu bu'aasaa hubatee xiqiin hojjeta. Hojii qonnaa durumaanuu hojjetaa turanis jijjiirama kilaastaraan hojjechuun as argan takkaa arganii hinbeekan. Jijjiirama caaluufis aadaa qusannoo akka miseensota kilaastarichaa biratti akka dirqamaatti waan

ilaalamuuf isaanis gaheesani ba'achaa jiru.

Boqqolloo kilaastaraan qotuu cinatti misooma jallisiiratti xiyyeeffatanii hojjechuun mana jireenyaa Finfinneetti ijaarrachuu kan ibsan ammoo Qonnaan bulaa Aanaa Guutuu Giddaa Obbo Dammuu Mirreeti.

Akka isaan jedhanitti, hojii kilaastaraa qonnaan bulaan omishtummaa dabaluu akka walonnachiisu taasisera. Namni beekumsa qabu walitti fidee ciminaan hojjetee callaa gaarii argachuutti dabalee qusachuurrattis miira waldorgommii uumeera. Qonnaan bulaan qusannoo kilaastaraatiin ala dhuunfaan akka qasatuuf kaka'umsa uumeera.

Obbo Jireenyaa Abarraa Hojjetaa Waajjira

Galiwwanii Aanaa Sibuu Siree yoo ta'an, jijjiiramni dinagdee qonnaan bulootaa gara qonnaatti hawwachuun harkisuun haala kana dura naannawichatti hinbaratamneen omisha avokaadoo eegaluu dubbatu.

Omisha avokaadoo kanas bishaan lafa jalaa baasuun misoomsuurratti argamu. Omishni avokaadoo kun omishaalee godinichaa qalbii miidiyaalee hawwatan keessaa isa tokko ta'uu danda'eera.

Hogganaan Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuus Godinni Wallagga Bahaa fuulasaa gara misoomaatti deebisuun jijjiirama sadarkaa biyyaatti fakkeenyummaa qabu keessa jiraachuu dubbatanii; gama mootummaan deeggarsi godinichaaf taasifamu cimee akka ittifufu hubachiisaniiru.

Siinqee olka'eef qawween...

dhiphisnee manguddoota soortuu dhabanii karaatti kufan haadholii keenya imimmaan irraa qooruu dideef wabii ta'uu qabna.

Qawwee olka'ee nageenya keenya booressaa jiru olaantummaa kabaja siinqee keenyaan injifannee ijji keenya gaarii, gurri keenya aaga dhagahee Oromiyaa badhaate Itoophiyaa walqixxummaan keessatti lafa qabate ijaaruun nurraa eegama. Ga'umsa Oromoon

biyya ijaaruuf qabuufi qaxalummaa keenya qabatamaan agarsiisuun ilmaan Abbaa Gadaa ta'uu keenyas haa mirkaneessinu. Kanaafimmoo gootota keenya kabajamuu walabummaa Itoophiyaatiif biyya keessaa hanga alaatti, sabiyiirraa hanga lubaatti wareegama qaali lubbuu bakka bu'iinsa hinqabne kaffaluun utubaa Itoophiyaa taaneedha. Ilaalchota xixinnoodhaan waljifachuu hinqabnu.

Osoo biyyaaf abbaa lubbuu taanee jirruu waliitti deebinee lubbuu walbaasuun orma ofiratti goobsuu Oromoofi Oromummaa cabsuu waan ta'eef siinqee olka'eefi harka nagaaf diriire hinmufachiisiinaa, nagaaf dursa kennaa. Gurri keenya aaga; ijji keenya raajii haa argu.

Gadaan keenya kan dimokraasii, kan araaraa, jaalala nuuf haata'u.

ODUU

Mootummaan nageenyaaf dhibba keessaa harka 99 nideema

Charinnat Hundeessaatiin

Finfinnee: Miseensonni Mana Marii Waloo Paartiilee Siyaasaa Oromiyaa guyyoota Dilbata darbe erga hojiiilee misoomaa Arsiifi Baaleetti hojiiilee misoomaa akkasumas Finfinneetti gamoowwan OBNfi Komishinii Poolisii Oromiyaa erga daawa'atanii booda Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaafi Ittigaafatamaa Waajjira Paartii Badhaadhinna Damee Oromiyaa Obbo Fiqaaduu Tasamma wajjin mari'ataniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Pirezidaantii Oromiyaa Doktor Abdulaaziiz Daawudis hojiiilee waggoota darbanirratti xiyyeeffachuuf barreeffama ka'umsa mariif ta'u dhiyeessaniiru. Rakkoowwan gama nageenyaafi kenna tajaajilaatiin mul'atan mareefi marabbaan hiikuuf mootummaan akkuma eegale cimee akka hojjetu gaafataniiru.

Miseensonni marichaas hojiiilee misoomaa sagantaa daaw'annaasaaniitiin argan dinqiisifachuun, qaama sagantaa daaw'annichaa qopheesse (mootummaa naannoo Oromiyaafi mana mariisaanii) ummata simannaa ho'aa taasisseef akkasumas qaamolee nageenya galateeffachuun gaaffiileefi yaadota adda addaa dhiyeessuun marii bal'aa taasisaniiru.

Obbo Shimallis Abdiisaas misooma

babal'isuun hiyyummaa injifachuun, dimokraasiifi olaantummaa seeraa dhimmoota jiraachuufi jiraachuu dhabuuti. Dhimmoonni sadan kunniin kan sadarkeeffaman otoo hintaane kan xiyyeeffannoodhaan halkanii guyyaa irratti hojjetamaniidha jedhan.

Misoomni warraaqsa walxaxaadha. Dimokraasiin hojiin malee qilleensarraa dhufu hinjiru. Arsaan kanfalamu malee nagaan mirkanaa'u waan hinjirreef hunduu qindoominaan irratti hojjechuu qaba. Kanarratti paartiin keenya morkattoota wajjin hojjechuuf qophiidha.

Paartiin Badhaadhinna amala kan nuti jenne malee jedhu hinqabu. Paartiin keenya waan ummanni Itoophiyaa jedhetti amana. Hirmaachuu dhabuu qaamolee muraasaatiin mariin biyyaalessaa hingufatu. Marichi dimokraasii bu'uura qabsiisuuf nigargaara. Mootummaan naannichaa cimina mana marii waloo paartiileetiif nihojjeta. Har'a waanti meeshaa waraanaa walitti nama dhukaasisu hinjiru.

Mootummaan rakkoolee walittibu'iinsaa mariidhaan furuuf har'as qophiidha. Rakkoo keenya karaa nagaatiin haa xumuru. Har'as waamicha kana nidhiyeessina. Mootummaan nageenyaaf dhibba keessaa harka 99 nideema. Paartiileen amma Arsiifi Baale daaw'atan yeroo ittaanutti Naqamteefi Dambi Dolloo daaw'achuu dandanda'u.

Dhimma nageenyaarratti walutubnee haa hojjennu. Kan nu baasu mariifi marabbaa qofa. Oromiyaa keessa haala nageenya gaariitu jira. Kanaafis ummanni waan guddaa gumaacheera. Mootummaan marii kanaan duraa ittifufsiisuufis qophiidha. Garuu warra akka marichi hinmilkoofne barbaadantu olii gadi raasa.

Waan olaantummaan seeraa kabajamuu qabuuf xiyyeeffannaan hojjenna. Misooma ilaalchisee kan daaw'attan tiifuudha. Yandoon misoomaa guddaan dhufaa jira. Pirojekttonni Finfinneetti hojjetamaa jiran kan ummata Oromoo gitaniidha. Buqqaatota deebisuurrattis xiyyeeffannaan hojjetaa jirra. Akeekni keenya Itoophiyaa badhaate uumuudha jechuun qabxiilee ijoo hedduu kaasaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinna Damee Oromiyaa Obbo Fiqaaduu Tasamma Paartiin Badhaadhinna Paartiileen morkattoota obboloota jedhee amana jedhanii, ijaarsa sirna dimokraasii eegalame lafa qabsiisuufis paartiileen morkattoota shoorra akka qaban eeraniiru.

Paartiin Badhaadhinna fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf boqonnaa malee hojjechaa jiraachuu ibsanii, harki nagaaf diriire ammallee kan hindachaane waan taheef paartiileen morkattootaas nageenya mirkaneessuu keessatti hirmaannaa ho'aa akka taasisan gaafataniiru.

Konfaransii dargaggootaa...

Kana cinaatti hojiiilee hojjetamaa jiran sadarkaalee adda addaatti ciminootaafi hanqinoota jiran hoggansasaa waliin mari'atee gaaffiifi yaada qabu mootummaaf dhiyeessee sadarkaa sadarkaadhaan deebiin akka itti kennamu gochuudha.

Fakkeenyaafi sadarkaa gandaarraa kaasee hanga naannootti waltajjichi kan hogganame bulchaafi kantiibaa sadarkaa sadarkaan jiruuni. Kana jechuun dargaggeessi gaaffiifi yaada qabu qaama isa hogganuuf dhiyeessee deebiin sadarkaa sadarkaadhaan akka itti kennamaa deemu ta'eera.

Manii 2ffaan gurmaa'insa dargaggootaa cimaa ijaaruudha. Dargaggoonni gurmaa'ina mataasaanii niqabu. Fakkeenyaaf waldaa dargaggootaafi federeeshinii dargaggootaa kan ilaallu yoo ta'e, isaan kun sadarkaa gandaarraa kaasee hanga naannootti bakka koreensaani harca'eeff hojmaatnisaa lafaa ta'etti hoggansasaanii irra deebi'anii filachuudhaan gurmaa'insasaanii carraa kanaan cimsaa jiru. Kanaafuu galmoota lamaan kunneen qabannee dargaggoota sadarkaa gandaatii hanga naannootti dargaggoota miliyoona afurii ol irratti hirmaachifna jenneetti kan yaadnu.

Waltajjicharratti dargaggoonni ni argamu. Hoggansi sadarkaadhaan jiru fakkeenyaaf waltajjii sadarkaa godinaatti gaggeeffamu hoggansi mootummaa sadarkaa naannootti jiru guutuun irratti ni argama.

Sababnisaa gaaffilee dargaggootaa gama adda addaatiin seektaroota adda addaarratti ka'an achumatti argamee deebii itti kenna jechuudha. Abbootiin Gadaa, Haadhooliin Siinqee, jaarsoliin biyyaa akkasumas keessummoonni bakka adda addaarraa

affeeraman waltajjicharratti argamaniiru. Dargaggoonni kalaqawwan addaa addaatiin beekamanis akkasuma.

Konfiransiin dargaggootaa kun Caamsaa 25 sadarkaa gandaatti, Caamsaa 27 sadarkaa aanaatti, Caamsaa 28 hanga 30tti ammoo hoggantoonni sadarkaa naannoo bakka argamanitti sadarkaa magaalaa godinaatti gaggeeffamaa jira.

Gaaffilee bu'uura dargaggoonni kaasan keessaa tokko dhimma carraa hojiin walqabata. Akkuma beekamu mootummaan carraa hojii kana bal'inaan uumuuf carraaqqii adda addaa taasisaa jira. Dargaggoonni miliyoonaan lakkaa'amanis carraa hojii argataniiru. Lakkoofsi kun guddaa ta'us baay'ina dargaggoota naannichaan walbira qabnee yoo ilaallamu ammayyuu hojii bal'aan kan nu hafu ta'uu nutti agarsiisa.

Dhimma carraa hojii uumuun walqabatee rakkooleen lamatu adda bahan jiru. Isaanis rakkoolee gama dargaggootaan mul'ataniifi rakkoolee gama mootummaan mul'ataniidha. Aadaan hojiifi qusannoo keenya lafaa ta'uun akkasumas hojii filachuufi tuffachuun rakkoolee dargaggoota keenya biratti mul'ataniidha.

Gama mootummaatiin ammoo carraa hojii dargaggeessaaf uumamuu qabu waa hunda taasisuun dargaggeessaaf carraan hojii akka uumamu taasisuufi liqqi yeroon dhiyeessuurratti hanqinni gara garaa jiraachuu qoranneerra. Kunis gaaffilee dargaggoonni kaasan keessaa tokko.

Dargaggoonni dhimmoota bakka oolmaa dargaggootaan walqabatanirrattis gaaffii kaasaniiru. Gaaffileen dargaggoonni kaasan

waltajjii isaan irratti argamanirratti deebiin itti kennamaa jira. Dhimmoonni qaama mootummaa olaanaaf dhiyaatee deebii argachuu qabanis cuunfamarii qabatamaa jiru.

Dargaggeessi Oromiyaa dargaggeessa sirna kana jijjiiruun seenaa hojjetee ta'uunsaa ni beekama. Dargaggeessi rakkoon nageenya Oromiyaa keessatti bakkawwan gara garaatti mul'atu furuu keessatti hirmaatee nageenya waaraa mirkaneessuu keessatti gaheesaa bahachuuf irratti waliigalameera. Nageenyaaf rakkoo kan ta'us rakkoo sana kan hambisus dargaggeessa. Kanaafuu dhimma nageenyaan walqabatee burjaajiin jiru ifa ta'ee akka ba'u taasisameera.

Dargaggoonni nageenya naannawaa keenya nutu eeggachuu qaba dhimma jedhurratti waltajjii hundarratti waliigalteerra gahaniiru.

Konfiraansicharratti dargaggoota waliigalaa naannoo Oromiyaa keessatti argamantu irratti hirmaachaa jira. Sadarkaa gandaatti hanga dargaggoota 500, sadarkaa magaalaa godinaatti hanga dargaggoota 600, magaalota gurguddaarratti ammoo hanga dargaggoota kuma lamaatti irratti hirmaachaa jiru.

Sadarkaa gandaatti utuu konfiransii kana hingaggeessin miseensonni waldaa dargaggootaa walga'anii hoggansasaanii filatu. Waldaan dargaggootaa yaa'iisaa ji'a ja'a ja'aan gaggeeffata. Sadarkaa aanaafi magaalatti ammoo waggaa waggaadhaan adeemsifata. Kanaafuu miseensonni waldaa dargaggootaa utuu gara konfiransii kana hindhufin gurmaa'insa isaaniif koree hojraawwachiiftuu filataniiru.

Wallaggi Lixaa misoomaan daandii fakkeenyummaa qaburra jira

Waaqshuum Fiqaadutiin

Mandii: Rakkoo nageenyaarraa kan ka'e sochiin misoomaa Godina Wallaggaa Lixaa keessa jira jedhanii dubbachuun namoota baay'eef gaaffii ta'uu mala. Dhugumaan waggoota lamaan sadan darban godinichi darara hamaafi rakkoo ulfaataa keessa ture. Bakkeewwan hedduutti caasaan mootummaa diigamuu bira darbee hojjetaa mootummaa ta'anii carraan lubbuun jiraachuu dhiphaa ture.

Har'a garuu caasaan mootummaa bakkatti deebi'uu cinatti nageenyi hanga tokko fooyya'ee namuu fuulasaa gara misoomaatti deebifateera. Aanaalee godinichaa rakkoo hamaan keessa ture, Qondaalaafi Mana Sibuu dabalatee qonnaan bulaan qotatee facaafachaa, haramatee omishachaa jiraachuu tuutni miidiyaa Hogganaa Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuun durfamu qaamaan achitti argamuun mirkaneeffateera.

Bulchaan Godina Wallaggaa Lixaa Obbo Solomoon Taammiruu akka jedhanitti, kaleessa rakkoon nageenya jiraachuun waan haalamu ta'uu baatus har'a halaala ta'anii akkuma kaleessaa olola diinaa dhaga'anii sodaa nageenya kaasuun dogoggora.

Godinichatti har'a mitii kaleessayyuu harka tokkoon misooma harka kaaniin ammoo nageenya waareessuurratti hojjetamaa ture. Har'a qonnaan bulaan qaamaafi qalbiin misooma hojjechaa jira.

Godinichi lafa qonna bal'aa, sookoofi dhagaa ibnabaradii dabalatee kuufama qabeenya uumamaan badhaatuu ta'uu kan yaadachiisan Obbo Solomoon; qabeenya kana dinagdeetti jijjiiruufis ta'e hojjetanii jijjiiramuuf hirmaannaa abbootii qabeenya akka fedhan ibsaniiru.

Mootummaan naannoo Oromiyaas ta'e federaalaa Wallagga misoomsuuf xiyyeeffanna addaatiin hojjechaa jiraachuu kan dubbatan ammoo Hogganaa Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuuti.

Ummatni godinichaa rakkoo nageenya keessaa ba'uun fuulasaa gara misoomaatti deebifatee argutti gammaduu eeranii, biiroonsaanii misooma taasisamaa jiru itti dhiyeenyaan deggsarsa barbaachisu akka taasisu dubbataniiru.

Godinichi avokaadoo, maangoofi boqqolloo haala ajaa'ibaan kilaastaraan hojjechaa jira. Ta'us hanqinni dhiyeessii sanyii filatamaa akka jiruufi biiroon qonnaa furuufiif kan tattaafatu ta'uu eeraniiru.



BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

Shaampiyoonaan kilaboota Oromiyaa har'a xumurama

Asallaa: Shaampiyoonaan atileetiksii kilaboota naannoo Oromiyaa 15faan guyyoota shaniif Magaalaa Asallaatti adeemsifamaa ture har'a akka xumuramu ibsame.

Ittigaafatamaan Federeeshinii Atileetiksii Oromiyaa Inistiraaktar Shimallis Daawwiti kaleessa Gaazeexaa Bariisaatiif akka ibsanitti, kaayyoon dorgommichaa atileetota umrii 20 gadii shaampiyoona atileetiksii biyyalessaa Magaalaa Hawaasaatti adeemsifamurratti hirmaachisuuf atileetota ciccimoo filachiisuufi.

Kana maddiittis atileetota Oromiyaa kanneen dorgommii biyyalessaafi biyyoolessaa hinarganneef carraa banuun hirmaachisuufi sadarkaa isaan irra jiran safaruuf ta'uus muldhisaniiru.

Kilaboota Oromiyaa 15 irraa atileetonni 500 ol korniyaawwan lameeniinuu akaakuuwwan ispoortii adda addaatiin hirmaachaa jiraachuus inistiraaktarichi addeessaniiru.

Shaampiyoonichi har'a kan xumuramu yoo ta'u, hanga ammaatti dhiiraan kilabni Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa, Kutaaleen Magaalaa Gafarsa Gujeefi Galaan Guddaan sadarkaa Iffaa hanga sadaffaa qabataniiru.

Dubaraan ammoo Bulchiinsi Magaalaa Adaamaa, Galaan Guddaafi kilabni Dhaabbata



Bosonaafi Bineensaa Oromiyaa sadarkaa tokkoffaadhaa hanga sadaffaa qabachuudhaan dursaa akka jiran Inistiraaktar Shimallis ibsaniiru.

Dorgommichi guyyaa guyyaadhaan adeemsifamaa kan ture yoo ta'u, fiigicha meetira kuma kudhanii dhiiraan Amaan Qaadii, Taammiruu Ammayyuufi Fayyisaa Muluu, dubaraan ammoo Almaaz Kabbadaa, Asaazzaany Makonniniifi Tigisti Dajanee



akkuma walduraa duuba jiranitti tokkoffaadhaa hanga sadaffaa ba'uun meedaaliyaa warqii, meetiifi nahaasaa badhaafamaniiru.

Fiigicha gufachiisaa meetira kuma sadii dhiiraan Saamsoon Beekamaa tokkoffaa, Ayyaalewu Yasarraafi Tolasaa Silashii mo'achuudhaan badhaafamaniiru.

Darbannaa eeboo dubaraan Saatawwaa Shaaloo, Ruut Araaruufi Ruubalee Nageessoo

tokkoffaa hanga sadaffaa bahuudhaan meedaaliyaa warqii hanga nahaasaa badhaafamaniiru.

Utaalcha lafarraatti dhiiraan Baqqalaa Jiloo, Nigaatuu Waatoofi Gammachuu Mijaanaa tokkoffaadhaa hanga sadaffaa bahuun walduraa duuba jiranitti meedaaliyaa warqii meetiifi nahaasaa badhaafamuusaanii beeksisaniiru.